# Qeeqa Asoosama Dheeraa “Galaa Dhiigaa” Ija Yaadxina Dubartummaatiin

**QORATTUUN: Muniiraa Awwal**

**GORSITUUN: Iristee Akkawaaq (Ass. Pro)**

***GORSAA AANTEE: Abdulsalaam A/ Olii***

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA) AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUU ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA’EE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATE**

**CAAMSAA, 2017**

**JIMMAA, OROMIYAA**

**QEEQA ASOOSAMA DHEERAA GALAA DHIIGAA IJA YAAXINA DUBARTUMMAATIIN**

**MUNIIRAA AWWALIITIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA) AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUU ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATE**

**CAAMSAA, 2017**

**JIMMAA,OROMIYAA**

## Yuunivarsiitii Jimmaa

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guuttachuuf mata duree "Qeeqa Asoosama Dheeraa "Galaa Dhiigaa" Ija Yaadxina Dubartummaatiin" jedhuun gaggeeffame sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa alaa _________________________Mallattoo _____Guyyaa ____________

Qoraa keessaa _______________________Mallattoo _____Guyyaa ____________

Gorsaa Duraa _______________________Mallattoo ______Guyyaa ____________

Gorsaa Aantee_______________________Mallattoo ______Guyyaa __________

## Ibsa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta`uufi kanaan duras yuunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaanne ta`uu isaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta`een fudhee wabii keessatti kaa`uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: ____________________

Mallattoo: ___________________

Guyyaa: _________________

# Galata

Waan hundumaa dura nagaafi fayyaa naaf kennuudhaan sadarkaa kanaan isa nagahe rabbiin baay`een galateeffadha. Itti aansee, yeroon waraqaa qorannoo kana qopheessu jalqabaa hanga dhumaatti beekumsaafi gahumsa qaban daangaa malee naaf gumaachuudhaan kan na gorsaa turan gorsituu koo Iristee Akkawaaq (Ass. Pro) baay'een galateeffadha. Dabaltaanis, gargaaraa gorsaa naaf ta'uun kan na qajeelchaa turan Abdulsalaam A/ Oliigalateeffachuun barbaada. Akkasumas, hojjettoota mana kitaabaa Qorannoo OromooYuniversiitii Jimmaas baay'een galateeffadha.

# AXEREERAA

*Qorannoon kun "Qeeqa Asoosama Dheeraa "Galaa Dhiigaa" Ija Yaaxina Dubartummaatiin" jedhu irratti kan gaggeffamedha. Kaayyoo qorannoo kanaas asoosama Galaa Dhiigaa ija yaaxina dubartummaatiin qeequdha.Milkaa'ina kaayyoo kanaafis gosa qorannoo akkamtaatti gargaaramuun adeemsifame.Gosa kana keessattis ibsa akkamtaa (qualitative descreptive) gargaaramuun sakkatta'a dookumentii gochuun qeeqni ragalee fudhatamanii adeemsifameera. Akkasumas qorattuun asoosama filatame kana akka madda raga tokkoffaatti kan dhimma itti baate yoo ta'u, asoosama filatte kanas, kaayyoo qorannoo ishee irratti hunda'uun mala idaattoo miti carraa keessaa tooftaa iddatteessuu kaayyeffataattiin asoosamicha keessaa maddoota qorannoo isheef barbaachisu keessaa filachuun qeeqxeetti. Haaluma kanaan barreessaan asoosamicha yeroo barreessetti ilaalcha hawaasi dubartootaaf qabu kan itti mul'iseefi cimina dubartoonni hawaasa keessatti qaban irratti fuulleffachuu isaa bu'aan qorannoo kanaa argamsiseera. Dabalataanis asoosama "Galaa Dhiigaa" keessatti barreessaan namfakkii dubartoota yeroo kalaqetti dubartoonni gama hawasummaafi, gama dinagdeen milakaa'oofi ofdanda'anii kan biroo deeggaruu akka danda'anitti kan kalaqe ta'usaatu adda baafame.Kunis qabatama hawaasa keessa jiru bifa kalaqaan dhiyeessuu isaati adda bahe. Gama biraan immoo akka asoosamicha keessatti dhihatetti dubartootarra miidhaan karaa dhiirotatiin kan irra gahe yoo ta'u miidhawwan kunis, miidhaa xiinsammuu, midhaa qaamaa akkasumaas, miidhaan saalaa kan irra gahe ta'utu bira gahame. Miidhawwan barreessaan asoosama isaa keessatti dhiyeesse qabatamaa hawaasa keessa jiruun yoo ilaalamu barreessaan olguddisee akkaataa qabatamaa hawaasa keessa jirannurraa kan maqe ta'uun bira gahameera. Kana malees asoosama kana keessatti barreessaan dubartoota namfakkii muummee godhee kalquurraa kaasee bakka gurguddaa kan kenneefi akkasumas asoosamicha keessatti loogiin koorniyaa kan hinargamne ta'uu qorattuun qorannoo isheen bira geessetti. Namfakkii muummee godhee kalaquun dhugaa hawaasa keessa jiru kan ibsedha. Kunis dubartoonni hawaasummaa keessattis ta'ee dinagdee keessatti yeroo isaan bakka gurguddaa jiran waan mul'atuufi.*

BAFAATA

Qabiyyee Fuula

Galata ..... ii

AXEREERAA ..... iii

BAFAATA ..... iv

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 6

1.2 Ka'umsa Qorannichaa ..... 8

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..... 10

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ..... 10

1.3.2. Kaayyoowwan Gooree ..... 10

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 10

1.5 Daangaa Qorannichaa ..... 11

1.6.Hanqina Qorannichaa ..... 11

BOQONNAA LAMA: SAKATT A'A BARRUULEE WALFAKKAATANII ..... 11

2.1. Ogbarruu ..... 12

2.1.1. Qeeqa ogbarruu (literary criticism) ..... 13

2.1.2. Ga`ee Nama Ogbarruu Qeequu ..... **Error! Bookmark not defined.**

2.1.3. Gooroowwan Ogbarruu ..... **Error! Bookmark not defined.**

2.1.4. Yaadrimee Dubartummaa ..... 16

2.1.5. Gosoota Qeeqa Dubartummaa ..... 18

2.2. Sakatta'a Qorannoolee walfakkii ..... 22

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ..... **Error! Bookmark not defined.**

3.1. Saxaxa Qorannichaa ..... **Error! Bookmark not defined.**

3.2. Gosa Qorannichaa ..... **Error! Bookmark not defined.**

3.3. Iddattoofi mala Iddatteessuu ..... **Error! Bookmark not defined.**

3.4. Madda Ragaalee Qorannichaa............................................**Error! Bookmark not defined.**

3.5. Meeshaalee funaansa Ragaalee ..........................................**Error! Bookmark not defined.**

3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee .................................................**Error! Bookmark not defined.**

BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI HIIKA RAGAALEE............................................... 26

Sabseenaa Asoosama Dheeraa Galaa Dhigaa ............................**Error! Bookmark not defined.**

4.1. Gahee Dubartoota Asoosama Gala Dhiigaa Keessatti Haala Adda Addaan...................... 28

4.1.1. Gahee Dubartoota Gama Hawaasdinagdeetiin Asoosamicha Keessatti...................... 28

4.1.2. Gahee Dubartootaa Gama hawaasummaan Asoosamicha keessatti........................... 30

4.1.3.Gahee Dubartoota Gama Barnootaan................................................................... 32

4.2. Asoosama Gala Dhiigaa Keessatti Miidhaa Dubartootarra Gahe ..................................... 33

4.2.1. Miidhaa Xiinsamuufi Miidhaa Saalaa ........................................................................ 33

4.2.2. Miidhaa Qaamaa...................................................................................................... 35

4.3. Asoosama Galaa Dhiigaa Keessatti Akkaataa Barreessaan Dubartoota Itti Ibse............... 37

4.3.2. Namfakkii Dubartoota Hariiroo Jaalala Keessatti Akka Amanamootti ...................... 40

4.3.3. Namfakkii Dubartoota hariiroo Jaalalaa akka Amanamoo hintaaneetti...............**Error! Bookmark not defined.**

4.4. Loogii Korniyaa Asoosama Gala Dhiigaa Keessatti......................................................... 42

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA........................ 45

5.1. Cuunfaa ........................................................................................................................ 46

5.2 Argannoo........................................................................................................................ 47

5.3.Kallattii Gara Fuulduraa.....................................................**Error! Bookmark not defined.**

Wabiilee ............................................................................................................................. 50

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Og-barruun hojii uumee sammuu ilma namaa ta‟e, ogummaa kalaqa waa uumuufi muuxannoo jijjiiruufi jireenya haqarratti bu‟uressinuufi akka qabatamaatti miidhagsinee ittiin ibsinudha.Akkasumaas, mala ittiin waan hawaasummaafi bu‟aa qabu tokko waliif dabarsinuufi beekumsa ittiin walii galfannudha. (Asafa, 2009:20). Haaluma kanaan og-barruun kan afoolaafi barreeffamaan jiru haammata. Akka Melakneh (2006:5) ibsuutti, Og-barruun barreeffamaa bakka sadiitti qoodama.Asoosama, Walaloofi Diraamaa(fiilmii)dha. Barruulee kalaqaa kan jedhamaniifis, bifa miidhagina qabuun sammuu namaa hawwachuu akka danda‟aniin miijeeffamanii waan kalaqamaniifidha. Haaluma kanaan og-barruun sun waanta qabatamaa ta‟e tokko akkuma jirutti kan gabaasu miti. Ogbarruun uumee waan qabatamaa hintaane irraa ka‟uudhaan yaada uumee qindeessee, miidhagsee dhiyyeessuudha.

Kanaafuu, barruuleen kalaqa dhugaa adunyaarraa maddanii kalaqamu.Garuu kalattummaan dhugaa himuuf hindirqamu.Dhugaa jiru haqaaqanii dabarsuu yookaan karaa alkallattiin himuu dandau.Haata‟u malee gabaasaalee dhugaarraa adda.Egaa xiyyeeffannoon qorannoo kana gosa ogbarruu keessaa asoosama  irratti kan xiyyeeffate yemmuu ta’u “Asoosamni akaakuu og-barruu barreessan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwataman yookiin raawwatamuu danda’aniin ka’umsa godhatee akka hubannoofi ilaalchasaatti dandeettii kalaquu isaatiin qindeessudha (Birhaanuu, 2009, f. 29)” jedha.

Akkuma waraabbii olii irraa hubachuun danda’amutti, asoosamni gosa ogbarruu ta’ee, kan barreessaan taateewwan hawaasa keessaafi addunyaa dhugaa keessatti hawaasichaan raawwatamaniifi raawwatamuu danda’an bu’uura taasifachuun beekumsa isaa itti ida’uun kalaquun kan dhiyeessudha.  Yaaduma armaan olii kana deeggaruun, Fedhasaan, (2013, f.67) immoo, “Asoosamni arga-yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessaatti mul’isudha.Mudannoofi muuxannoo namni tokko haala jiruufi jireenyaa keessatti muuxatu muli’suuf, sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaarratti mul’atudha” jedha.

Yaadni armaan olii asoosamni kalaqa asammuu barreessaan muuxannoo mudannoo adunya keessa yeroo jiratetti argate bifa kalaqaan dhiyeessudha. Yaaduma armaan olii kan deeggaru Zarihuunis, (1996, f.152) yaada kana yeroo ibsu, "Jechi asoosama jedhu hiika amma qabateen yeroo jalqabaaf jaarraa 18ffaakan mul'ate gosa hololoo seeneffamaa ilaallatu; iddoowwan seenawaa bocaman, namfakkii jireenya dhugaa kan bakka bu'an, yaadaafi gocha sirriitti kan mul'isu, walittifufinsa kan qabuufi seeneffama diriiraadha" jedha.

Egaa hiikni asoosamaaf hayyota armaan olii kanaan kenname hanga tokko garaagarummaa ni qabaatu. Haata'uutii hiikkaawwan kanneen walitti fiduun asoosamni dheeraan akaakuu ogbarruu keessaa isa tokko ta'ee, haala jiruufi jireenya hawaasa tokko bifa miira dubbistoota ofitti haawwatuun miidhagina adda addaa uffisee, kukkuulee, faayee kan dhiyeessu hojii kalaqaati.

Asoosamni gooroo ogbarruu keessatti waan ramadamuuf, yaadoleen qeeqa ogbarruu irraatti ka'an isas ilaaluunis barbaachisaadha.Kallattii kanaan, ogbarruu barreessuu yookiin dubbisuu qofa otoo hintaane, ogbarruu qeequunis qaama guddina kanaa ta'ee fudhatamuu qaba.Qeeqa ogbarruu gaggeessuun faayidaa inni qabuufi guddina ogbarruu biyya tokkoo keessatti gaheen inni bahatu irratti yaadoleen hedduun irratti kennamaa turaniiru.

Morio (2005, f.100) qeeqa ogbarruu yoo ibsu

> Literary criticism can refer to the literary interpretation of texts as well as their evaluation. For that reason, "Literary critique" is some times used to differentiate between the interpretation of a text and the evaluative criticism that often occurs in connection with literary awards and book reviews," jedha.

Akkuma yaada oliirraa hubachuun danda'amutti, qeeqni ogbarruu, barruu ogbarruu tokko hiikuufi qeequurratti fuulleffata.Ogbarruu hiikuun addummaa barruu ogbarruu tokko ilaaluu yoo ta'u, madaaluun immoo badhaasa hojii ogbarruu tokkoon walqabatuudha.Haaluma kanaan qorannoon kun Yaaxina ogbarruu keessaa xiyyeeffannoon qorannoo kanaa qeeqa dubartummaati. Qeeqni dubartummaa dhimma garaagarummaa koorniyaa, akkasumas, sochii walqixxummaa koorniyaa, mirgaafi fedhii dubartootaarratti kan xiyyeeffatedha. Steven (2004) "qeeqni dubartummaa ilaalcha korniyaati" jedha. Akkasumas Virginia (1978, f. 51) dubartootni dhiirotaan qixa mirga, humnaafi carraa adda addaa argachuu akka qaban kunis, gama aadaa, siyaasaafi dinagdeedhaan dubartootni dhiirotaan carraa wal qixaa qabachuu akka qaban ibsa. Kanaafuu qeeqni dubartummaa yaadiddamaafi falaasama dhimma garaagarummaa koorniyaa,

akkasumas, sochii walqixxummaa koorniyaa, mirgaafi fedhii dubartootaaf kan jajjabessudha. Qorannoon kunis ija yaaxxina dubartummaan kan qeeqamu ta'ee, innis, xiyyeeffannoon yaaxinichaa dubartootni hawaasa keessatti maalummaafi eenyummaa isaaniifi haala jiireenya isaanii akka ofhubatan gochuufi hariiroo hawaasa wajjin qaban ofiif murteeffachuu akka qaban cimsa. Yaaduma armaan olii kan deeggaru Pater (2010, f.30) "qeeqni dubartmmaa, dubartoonnii gama siyaasaan, hawaasummaaniifi dinagdeen mirgaa walqixaa dhiirotaa wajjin qabaachuu qabu" yaada jedhu ibsa.

Yaaduma armaan oliin kan wal qabatu Ruth (1998, f.5) akkana jetti. Feeminizimiin dhimmotaa gama koorniyaan hinkaaneefi xiyyeeffanno hinkennamnerratti gaaffii kaasuun furmaata kan barbaadu yommuu ta'u, dhimmi ijoo isaas hawaasni dhiirotaafi dubartootaaf hawaas-aadaa keessatti garaagarummaa sadarkaa jiru beekuufi sakatta'uun, garaagarummaa uumamuuf sababoota kan ta'anirratti ibsaafi bu'aasaa kan hubachiisudha. Hiika oliirraa hubachuun kan danda'amu, dhimmoota mirga dubartootaa kabachiisuu giddugaleessa kan godhataniidha. Feeminizimiin dubartoonnii siyaasaan, hawaasummaan, dinagdeenfi amantaan mirgaa walqixaa dhiirotaa wajiin qabaachuu qabu ilaalchaa jedhu qaba.

Kanaaf qorannoon kun qeeqa asoosama "Galaa Dhiigaa" Kan Abrahaam Jaallataatiin bara 2016 maxxanfame ija yaadxina dubartummaatiin qeequu ta'a. Haaluma kanaan dubartummaan asoosamicha keessatti gama amantaa walqixxummaa dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa dubartootaa akkamitti akka ibasman kan qeeqamudha. Xiyyeeffannoon yaaxinichaa walqixxummaa dubartootaaf kan falmu, carraa hawaasa keessatti qabeenya irratti haqa walqixaa akka argataniif kan qabsaa'udha jechuun nidanda'ama. Kanaafuu dubartoonni asoosama kana keessatti akkamitti akka ibsamaniifi dhiironni dubartootarratti dhiibbaa akkamii akka geessisan kan ilaaudha.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon kun qeeqa asoosama dheeraa Galaa Dhiigaa yaaxina dubartummaan qeequ irratti xiyyeeffata. Asoosamni immoo dhimma hawaasa tokkoo kan calaqisiisu; jiruufi jireenya hawaasa tokkoo hawaasa kaaniif kan ibsuufi haala guddina hawaasa sanaa ibsuuf gargaara. Haalli kun immoo waliitti dhufeenya hawaasa garagaraa gidduutti uumuuf bu'uura ta'a. Asoosamoota yookaan ogbarruuwwan afaan tokkoo karaa adda addaatiin qeequun ciminaafi hanqina isaanii adda baasuun guddina afaanichaafis ta'ee barreessitootaaf illee ciminaafi hanqina

jiru beekuun fala kaa'uuf barbabaachisadha.Kana gochuuf immoo, yaaxxina qeeqa ogbarruutti gargaaramuun barbaachisaadha.Yaaxinoota jiran keessaa tokko yaaxxina dubbartuummati. Qorannoon ija yaaxina dubartummaa sadarkaa gara garaatti kan hojjetaman yoo ta'u, hanguma qorannoon irratti hojjetamaa adeemuun ilaalchi hawaasni dubartootaaf qabu sirrataafi fooyya'aa adeema.Kana malees asoosaan akkaata inni namfakkii dubartootaa dhugaa adunyaa keessa jiruun wal simsiisee dhiyeesseasoosama kana irratti akka hojetamuuf sababa isa bu'uuraa yoo ta'u, sababni inni biroonmataduree kana irratti qorannoowwaan haagaggeffaman malee ilaalcha dubartootarra karaa hawaasaan jiruuf qorannoowwan hojjetaman gahaadha jechuun rakkisaadha.Sababni isaas haguma dhimmi koorniyaa irratti hojjetamaa adeemu ilaalchi jirus fooyya'aa adeema.Qorattuunis yaadawwan armaan olii bu'uura godhachuudhaan qorannoo kana hojjechuuf kaka'umsa godhatte. Qorannoowwan mata duree kanaan wal fakkaatan kan qorattuun sakattaate keessaa: Lamlam (2013) mata duree 'Xiinxala Caaseffama Aangoo Koorniyaa Asoosamoota **Suuraa Abdii**, **Hawwii**fi **Illaa** ija Yaadxina Maarkistootaafi Dubartummaatiin' jedhuun qorannoo ishii gaggeessitee jirti.

Kaayyoon qorannoo ishee inni guddaan dhimmootni dubartummaa waliin wal qabatan maal akka fakkaatan qorannoo ishee keessatti lafa kaa'uuf yaalteetti.Qorannoon biroon qorannoo kanaan wal fakkaatu qorattuun sakattate kan, Tafariiti.Innis mata duree "Xiinxala gahee dubartootaa asoosamoota Isaayyaas Hordofaa keessatti" jedhu yoo ta'u, asoosamoota Isaayyas Hordofaa keessatti gaheen dubartootaa maal akka fakkaatu gadi fageenyaan ibsuufi xiinxaluun kaayyoo qorannoo isaa isa hangafaadha.Akkasumas,qorannoon biroon sakattate kanShuumatee (2019) yoo ta'u, mata-duree "Xiinxala Fakkoommii Dubartootaa Asoosamoota Dhoksaa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee" jedhu yoo ta'u, asoosamoota kanneen keessatti dhimmoonni hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa akkamitti akka calaqqisuu, namfakkiileen asoosamoota kanneen keessaa garee hawaasaa kam akka bakka bu'an, dhimmoonni koorniyaan walqabatanii barruuwwan kanneen keessatti ibsaman maal fa'a, barruuwwan kunneen dubartoota nijajjabeessan moo nihacuucan, gahee dubartoonni gama dinagdeen, siyaasaafi hawaasummaan qaban asoosamoota kanneeniin ibsameeraa? Kanneen jedhan kaayyoo guddaa qorannichaadha.Walumaa galatti, sakatta'insa barruu wal fakkii kanneen keessatti qorannoowwan gaggeeffaman wal fakkiin isaan qorannoo kana waliin qaban, Tafarii Shifarraafi Shuumatee Dinqaawaliin hojiin qorannoo kanaa gosa ogbarruu keessaa asoosamarrattifi asoosama keessaas dhimma koorniya irratti xiyyeeffachuun kan wal fakkeessu yoo garaagarummaan qorannoon kun qorannoowwan olii waliin qabu qorannoowwan armaan olii

gama miidha dubartootarra gahu irratti luucca'uun kan adeemsisan yoo ta'u qorannoon kun immoo ciminni isaan hawaasa keessatti qaban asoosama kana keessatti akkamitti akka ibsaman dhugaa hawaasa keessa jiru waliin wal bira qabuun qeequdha. Akkasumas qorannoowwan olii waliin yoomessa adda addaafi kitaaba asoosamaa adda addaa ta'uun gargar isaan godha.Dhimmoonni asoosama galaa dhiigaa keessa jiran gahee dubartootaa akkamitti calaqqisiisu?

- ✓ Asoosama Galaa Dhiigaa keessatti dhimmootni dubartootaa gama hawaas-dinagdeen maal fakkaatu?
- ✓ Dhiibbaan sababii koorniyaan wal qabatu asoosamicha keessatti akkamiin ife?
- ✓ Ilaalchi barreessaa namfakkii dubartoota bocuu keessatti maal fakkaata?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Asoosama Afaan Oromoo "Galaa Dhiigaa" jedhu ija yaadxina dubartummaatiin qeequudha.

### 1.3.2. Kaayyoowwan Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti;

- ❖ Asoosama Galaa Dhiigaa keessatti dhimmootni dubartootaa gama hawaas-dinagdeen maal fakkaatu adda baasuu
- ❖ Dhiibbaan sababii koorniyaan wal qabatu asoosamicha keessatti akkamiin akka dhiyaate bira gahu
- ❖ Barreessaan namfakkii dubartoota akkamiin akka kalaqe adda baasu

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa asoosama Afaan Oromoo''Galaa Dhiigaa" jedhu ija yaadxina dubartummaatiin qeequudha. Dabalataan Asoosama "Galaa Dhiigaa" jedhu kana keessatti gahee dubartootni gama siyaasaan, dinagdeefi hawaasummaa, aangoo dubartootni qabaniifi ilaalchi koorniyaa asoosama eeraman kana keessatti maal akka fakkaatu akkasumas akkaataa bocama dubartootaa kan ibsu ta'a. Bu'uuruma kanaan qorannoon adeemsifamu kun faayidaalee armaan gadii qabaachuu danda'a jedhamee amanama.

- Qorattoota gara fuula duraatti qeeqa dubartummaatiin qorannoo isaanii adeemsisuu barbaadaniif ka’umsa ta’uu danda’a jedhamee yaadama.
- Namootni qorannoo kana dubbisuuf carraa argatan qorannicha qeeqanii ciminaafi hanqina qorannichaa hubachuu danda’u.
- Sadarkaa ogbarruun Oromoo yeroo ammaa irra ga’e qorachuufi ciminaafi hanqina jiru addaan baasuun sadarkaan ogbarruu hawaasichaa akka cimu nigumaacha.
- Barreessitootni adda addaa yommuu asoosama barreessan waa’ee dubartootaa xiyyeeffannoo kennuun dhimma barreeffama isaanii keessatti waa’ee dubartootaa giddugaleeffachuun akka barreessan isaan taasisa.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Asoosamootni afaan Oromootiin barreeffaman hedduutu jiru.Haata’uutii asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman hunda irratti otoo qorannoon gaggeeffame guddina afaaniifi ogbarruu oromootiif shoorri inni taphatu olaanaadha.Ta'us garuu asoosamoota kanneen hunda irratti namni tokko qorannoo gaggeessuun sababoota hanqina yeroofi baajataatiin danqaa itti ta’uu danda’a.Kanaaf qorataan/ttuun tokko yemmuu qorannoo isaa/ishee gaggeessitu daangaa qorannoo murteessuun qulqullinaafi galma gahinsa qorannichaatiif gumaacha guddaa qaba. Haaluma kanaan daangaan qorannoo adeemsifamuuf jedhu kanaa; Asoosama Afaan Oromoo “Galaa Dhiigaa” jedhu kan Abraahim Jaallataatiin bara 2016 barreeffame ija yaadxina dubartummaatiin qeequurratti kan xiyyeeffachuun kan daangeffamedha.

### 1.6.Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yammuu gaggeeffamu kaayyoo mataa isaa kan qabuufi rakkoo furuu yookiin yaaxina haaraa fiduufi. Haaluma kanaan qorannoo kanaas hanqinoonni garaagaraa kan muudatan yoo ta’u, isaan keessaas kitaabilee yaaxina kanaaf akka barbaadametti argamuu dhabuun hanqina yoo ta’uu kana furuuf qorattuun kitaabilee wabii toora marsaalee hawaasaafi sakatta’a adda addaatti fayyadamuun rakkoolee kitaabilee mul’atan furuuf yaaltteetti.

**BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE WALFAKKAATANII**

## 2.1. Ogbarruu

Maalummaa ogbarruu ilaalchisee hayyotni hiika walfakkataa yeroo kennan hin mul'atu. Ogbarruun umurii dheeraa qabaachuufi waa'ee jiruufi jireenya ilma namaa ibsuun isaa hiikni adda addaa akka itti kennamuuf sababa ta'eera. Ogbarruuf hiika dhaabbata kennuun ulfaataa ta'u ilaachisee, Ansari (1992, f. 2) yoo ibsu, "To define literature is very difficult. In ordinary sense we can say whatever written is literature but there can not be a clear and precise definition of literature because its scope is so vast that it covers almost all the spheres of life" jedheera.

Akka yaada kanaatti, Ogbarruu kana jedhanii yaada tokkoon lafa kaa'uun kan nama dhibu ta'uu isaati. Maalummaa ogbarruu haala salphaan kana jedhanii ibsuun ulfaataa ta'uu ibsa. Finnegan (1978, f. 18) immo ogbarruu yoo ibsitu, "Literature is a creative work of art which expresses the truth of experience interms of beauty to be comprehended and it is the means of communicating ideas of intellectual and socio significance."Waraabbiin kun akka agarsiisutti, ogbarruun muuxannoo keenya kan calaqqisiisu ta'uusaa ibsullee hojii kalaqaa, kalaqa sammuu barreessaa bifa miidhagina qabuun bu'aa hawaasaaf kan dhiyaatu ta'uu ibsa. Ogbarruun ogummaa dhugummaa muuxannoo keenya miidhagsinee, gabaabsuufi kalaquun ittiin ibsinuudha.kan yaadawwan bibilchaatoo ta'an ittiin waliif dabarsinuu jechuun nidanda'ama. Itti dabalees, Ogbarruun jireenya dhala namaa keessa waan jiru marallee hammachuu kan danda'uudha. Dabalataan yaada ogbarruuf kenname yoo ilaalee (Vygotsky, 1987, f. 71)

> Literature is the last and highest expression of the thought of people manifested in words. An organic continuity of development is the thing that gives literature its character, and which at the same time distinguishes it from mere oral and written tradition value as art.

Akka yaada armaan olii kanatti, ogbarruun dhimma baay'ee murteessaa namootni miira, yaadaafi ilaalcha isaanii jechootatti fayyadamuun ittiin ibsataniidha. Akkasumas kan qooddattoota yookiin namfakkiileetti gargaaramuun sadarkaa dhala namaas ta'e wantoota biraa bifa ogafaaniirraa addaan baasee barreeffamaan dhiheessuudha. Ogbarruun dhimma dhugaa addunyaa kanarratti yookiin qabatamaan addunyaa kanarratti mul'atan irratti yaada kalaqaa dhihaateefi kan hirmaattota mataa isaa qabuudha jechuun nidanda'ama.Dabalataan Asafaa, (2009:20) akka armaan gadiitti ogbarruuf hiika yoo kennu

> Ogbarruun umrii dheeraa qaba.Ilmoon namaa barreeffamaan of ibsuu otoo hin jalqabiin dura ogafaan (oral literature) yookiin afoolaan yookiin fakkiifi bocaan yaada ofiisaa ibsaa

ture. Kanarraa kan ka'es, umriin ogbarruu umrii afaaniitiin (age of language) qixxee ta'a jedhamee tilmaamama. Umrii dheeraa kana keessatti ogbarruuf hiika adda addaatu kennamaa ture.

Waraabbii armaan olii kana irraas wanti hubatamu, umriin ogbarruu umrii dhala namaa waliin kan wal qabatu ta'uufi ilmi namaas osoo addunyaan kun aakka har'aatti hin jijjiiramiin dura of ibsuuf maloota garaagaraa fayyadamaa turuu isaafi ogafaannis of ibsuu namootaa keessatti qooda olaanaa qabaachuu isaa agarsiisa.Gababaamutti yaada hayyoota armaan olirraa akka hubatamuti, ogbarruun kan ilma namaan kalaqamu ta'ee, ilmi namaa deebi'ee kan ittiin miira keessoo isaafi dandeettii waa uumuu isaa kan ittiin beeksifatu yookiin ibsatudha. Kana malees, ogbarruun jiruufi jireenya dhala namaatiin kan walitti hidhatu ta'uu isaa agarsiisa. Kunis kan ibsu ogbarruun hawaasa malee hawaasni ogbarruu malee jiraachuu akka hin dandeenye sirriitti kan nutti agarsiisudha. Akka walii galaatti yaadota maalummaa ogbarruu irratti kennaman kana walitti qabnee yeroo cuunfinu, ogbarruun kalaqa sammuu ilma namaa ta'ee, ogummaafi dandeettii ittiin aadaa, duudhaa, falaasama, haala jiruuf jireenyaa, akkasumas, miira keessoo ofii ittiin ibsatanidha jechuu dandeenya.

Dabalataan ogbarruun ogummaa dhalii namaa jechoota filatamoofi mimmiidhagoo ta'anitti fayyadamuudhaan waan addunyaa kanarratti ta'eefi ta'uu danda'u uumee lubbuu itti horee barreeffamaafi afaaniin kan dhiyeessudha.

### 2.1.1. Qeeqa ogbarruu (literary criticism)

Qeeqa ogbarruu ilaalchisuun beektonni baroota keessa hojiilee ogumaa turanirratti bu`uuruun hiika adda addaa kennaa turaniiru.Kanaafuu, hiikni isaa kanadha jedhanii lafa kaahuun rakkisaadha. Ta`us, wanti yaada isaanii walitti fidu jiraachuunsaa hinoolu. Kanarratti hundaa`unis hiika bal'aafi dhiphaa ta`e ilaaluu nidandeenya. Waa`ee dayeessaafi bu`uurawwan ogbarruu, waa`ee amaloota ogbarruu, waa`ee icciitii uumamasaa, waa`ee gochaasaa, waa`ee bu`aalee buusuu, waa`ee walitti dhufeenya gochaalee namootaa kanneen biroo waliin qabuu, waa`ee gooroosaa, waa`ee malleen barreeffamasaa, waa`ee dhufteesaafi seenaasaa ilaalchisanii ka`an hunda hammata. Akka Graham (1966, f.3) jedhutti immoo, qeeqni ogbarruu waa`ee seenaa ogbarruu dubbachuufi gooroowwan ogbarruu qoqqooduun ramaduufi ibsuu dabalata.Ogbarruun maali?maaliifis barreeffama? dhimmoota namaa kanneen biroo waliin akkamitti walitti firooma? kanneen jedhan gaaffilee waliigalaa kan qabatudha.

Haaluma walfakkaatuun nam Holman (1985, f. 98) jedhamu hojiilee ogbarruu ibsuu, qorachuu, madaaluu akkasumas safartuuwwan hojiilee oguumawwan sun ittiin safaraman, malleeniifi ulaagaalee baasuudha jedha. Walumaagalatti qeeqni ogbarruu, hojii ogbarruu tokko sirriitti beekuufi qorachuun safartuuwwan ogbarruu murtaawoo ta`an bu`uureffachuun madaalli ogummaan kennamudha. Dabalataanis, qeeqni ogbarruu hojii tokko kanneen biroo waliin dorgomsiisuun sadarkaan kan ittiin murteeffamu jabinniifi laafinni hojichaa adda bahee kan ittiin beekamu gochaa oguumaa ta`uusaa hubachuun barbaachisaadha (Alamituu,2012).

### 2.1.1. 1. Barbaachisummaa qeeqa ogbarruu

Qeeqni ogbarruu faayidaa adda addaa akka qabu hayyota garaagaraatiin yeroo ibsi itti kennamu ni agarra. Haaluma kanaan hayyota faayidaa qeeqa ogbarruu kennan keessaa Ellis (1974, f. 54) faayidaa qeeqa ogbarruu akka armaan gadiitti lafa kaa'ee jira.

> It often been said that the purpose of criticism is to render the text more enjoyable to the reader, to encourage and excite his appreciation of the text, to explicate it, and to point out to him what he might other lucid have missed. Literary criticism helps us to go inside of text and understand the written work from many different view points."

Akka yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, dubbisaan ogbarruu dhiyaate tokko dubbisee gara kallattii tokkootti akka goru gochuufi waan hafe akka hubatu akkasumas barbaachisummaan qeeqa ogbarruu dubbistootaa bashannansiisuun miiri isaanii akka kaka'uufi gammadan taasisa.Gabaabummatti qeeqni ogbarruu waan barreeffamee jiru tkko keessaa beekumsa yookiin hubannaa akka argannu nu gargaara.

Ogbarruu qeequun barreessaaf, dubbisaafi waliigala hojii ogbarruuf faayidaan inni qabu olaanaadha. Hojii barreessaa tokkorratti qeeqni ogbarruu taasisfamu jabinaafi laafina hojiisaa kan agarsiisu waan ta`eef, barreessichi kallattii ciminasaa addaan baafatee hojiisaa gara fuuladuraa keessatti haalaan akka itti gargaaramuufi qabxiilee dadhabbinasaa itti agarsiisan immoo dhiisuun akka waan fooya`aa ta`e barbaaduuf isa gargaara. Hojiin qeequu inni guddaan ogbarruu sana sakatta`uun murtoo kennuu waan ta`eef, barreessichi sadarkaa irra jiru beekuuf isa gargaara. Hojii ogumma isaatiin sadarkaasaa hubatee maal gochuu akka qabu kan ittiin hubatuufi mala ittiin ga`umsa barreessummaasaa mirkaneeffatudha.

Zarihun (1996) biyya tokko keessatti, hojiiwwan ogbarruu bara baraan mul’atan irratti qeeqni kennamaa akkuma deemuun, ogbarruun biyyichaa gara sadarkaa fooyya’aatti carraan guddachaa deemuu ni uumama. Walumaagalatti, qeeqni ogbarruu, barruufi dubbisaa gidduu riqicha jabaa jirudha jechuu nidandeenya.Lamaan isaanii walquunnamsiisa, irra caalaa walitti buta, irra caalaa walbarsiisa. Kallattii biraanis, qeeqni ogbarruu hojiinsaa inni guddaan ulaagaalee murtaawoo ta`an giddugaleessa godhachuun madaalli barbaachisaa ta`e kennuu waan ta`eef, sochiifi guddina ogbarruu biyya tokkoof tumsi inni taasisu guddaa ta`uunsaa hubatamaadha. Biyya tokko keessatti barreessitoota baroota keessan ka`an irratti qeeqni lakkoofsuma kennameen ogbarruunsaa haala fooya’aa ta`erra akka jiraatuufi sadarkaa fooy’aarra haalleen ittiin ga’u niuumamu.

Hojiileen barreessitoota garagaraa yoo ibsamaniifi qeeqa sirrii ta`een sadarkaan isaanii yoo beekame hanqinootaafi ciminoota mul`atan ilaaluun hojiilee fooya’oo ta`an baasuuf beekumsoota isaan dandeessisan argachuu danda`u. Sochiifi qeeqni ogbarruu biyya tokkoo kan waliin deemanidha. Qeeqni ogbarruu gaggeeffamuun doggoogoronni addaan bahanii yoo hinbeekamne, inni tokko isa biroo waliin walbira qabamee sadarkaansaa yoo hinbeekamne, hojiin hanqina qabu irra dedeebiin mul`achuunsaa hinoolu.Kuni immoo guddina ogbarruu boodatti harkisa.Dabalataanis, gochaa qeeqqii ogbarruutiin hojii ogbarruu biyya tokkoo biyyoota walfakkaatan biroo waliin walbira qabanii dorgomsiisuun sadarkaasaa tilmaamuufi beekuun nidanda`ama.Sadarkaasaa kana beekuun immoo, malaafi kallatti ogbarruun itti guddatu adda baasanii beekuuf gargaara. Ogbarruun biyya tokko kan yeroo kanaa kan darberratti kan bu`uure waan ta`eef, isa ammaa kana haalaan hubachuuf isa darbe hubachuun barbaachisaadha. Isa gara fuulduraas fooya`aa taasisuun kan danda`amu isa ammaa haalaan hubachuufi qorachuuni. Gochaalee kana raawwachuun kan danda`amu immoo qeeqni ogbarruu haala barbaachisaa ta`een yoo gaggeeffamedha. Qeeqni ogbarruu kallattii tokkoon seenaa ogbarruu biyya tokkoo haala seera qabeessa ta`en kan qoratuufi kan ibsu waan ta`eef kallattii kanaan tumsi ta`u ol`aanaadha.

**Namfakkii Dubartootaa Asoosama Keessatti**

Barreessitoonni asoosama garaagaraa namfakkii isaanii haala garaagaraatiin kalaqu, kan goota taasisuun, kaan immoo sodaataan, kaan gamna kaan immoo gowwaa homaa hinbeekne, kaan beekaa kaan immoo wallaallaafi kanneen kana fakkaatan taasisuun addunyaa kana roga garaagaraa qabsiisee bu'aa ba'ii addunyaa kanaa dhamdhamsiisuun boca. Haala kana keessattis namfakkilee addunyaa dhugaa kana agarsiisuuf nafayyadu jedhu dhiirotaafi dubartootaaf maqaa garaagaraa moggaasuun dhimma itti baha. Namfakkiin dubartootaa asoosama keessatti haala kamiin akka bareessitoonni dhimma itti bahan irratti yaanni hayyoota garaagaraa dhiyaateera.Bileen (1992) namfakkiiwwaan dubartootaa bakka lamatti hiruu yaalti. Isaanis: dubartoota kaayyoo qabaatanii kan xiinyaada cimaa qabaniifi dubartoota xiinyaada dadhabaa qabanidha. Dubartoota xiinyaada cimaa, kan kaayyoo qaban kanneen jedhaman, kaayyoo isaanii galmaan ga'achuuf guyyaafi galgala carraaqan, ilaalchaafi murtee mataa isaanii qabanidha.

Kanneen jaalalleefi maatii isaaniif amanamoo ta'an, rakkoo isaan irra gahu hunda ciminaan keessa darbuun mo'achuu kan danda'anidha.Kanneen kaayyoo dhabeeyyii xiinyaada dadhabaa ta'an immoo, faayidaa guyyaa tokko qofaa ilaaluun salphumatti bitamuu danda'an,kan gara fuula duraatiif yaaduu hindandeenyedha. Kanneen waa'ee maalummaa jireenyaa hinhubanneefi lubbuu mataa isaaniitiin tapha taphatanidha jechuun Bileen (1992) ibsiteetti. Dabalataanis,namfakkiin maxxantummaatti, qoodni yeroo baay'ee kennamu dubartootaafi. Innis, akkamiin ifa jennee yoo ilaalle, yeroo asoosonni asoosama barreessan dubartootaan akka nama hojii dhabetti, rakkattootaafi kan xiinyaada cimaa hinqabne godhanii waan kaa'aniif; mirga isaanii dabarsanii akka kennan isaan taasisa. Haaluma kanaan, mirgi isaanii sarbamuu, yaada namoota birootiin deemuun, jireenya hintaaneef akka saaxilamaniif waan itti hinamanne tokko fedhii isaaniitiin alatti akka raawwatan dirqama akka itti ta'u isaan taasisa.Dhimmoota hawaasummaa keessattillee, akka murtee ofii isaaniitiif murteessuu hindandeenyettibocamu.

### 2.1.4. Yaadrimee Dubartummaa

Dubartummaan ilaalcha yookaan amantaa walqixxummaa dinagdee, hawaasummaafi siyaasa dubartootaa sadarkaa addunyaatti aangessuufi olaantummaa dhiiraa hambisuuf kan socha'udha. Gabaabumatti, yaadiddamni dubartummaa walqixxummaa dubartootaaf kan falmu, carraa hawaasaa keessatti qabeenya irratti haqa walqixa ta'e akka argataniif kan falmu dha jechuun ni danda'ama. Sa'iidaan (2002:66)

#### 2.1.4.1. Qeeqa Dubartummaa/Feminist Criticism

Qeeqni dubartummaa gosoota ogbarruun tokko ittiin qeeqamu keessaa isa tokko dha.Maalummaa qeeqa dubartummaa ilaalchisee haayyota garaagaraan ibsi itti kennamaa tureera. Ibsa maalummaa qeeqa dubartummaa ilaalchisee kennaman keessaa kan namoota muraasaa akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Bryson (1999 f. 82) Maalummaa qeeqa dubartummaa akka armaan gadiitti lafa ka'a.

> " Feminist critisisim is concerned with less obvious forms of marginalization such as excusion of women writers from the traditional literary… unless the critical or historical point of view is feminist, there is tendency to under represent the contribution of women writers," jedha.

Akka yaada armaan olii kanarraa hubachuun danda'amutti, yaadxinni qeeqa dubartootaa dubartootni waara dhiiraa waliin walqixxummaan ilaalamuu dhabuun dubartootni akka isaan karaa garagaraatiin mormaniifi qeeqa dubartoota mudatu qeequu irratti akka bu'uura taasifatu ibsa. Gama biraatiin yaadxinni kun dubartootni hawaasa keessa jiraatan keessatti ga'ee isaan qaban gadaanaa ta'uu agarsiisa.

Dabalataan, Tyson (2006:83) maalummaa qeeqa dubartummaa yoo ibsu; "Feminist criticism examines the ways in which literature and other cultural productions reinforces or undermines the economic, political and psychological oppression of women," jedha.

Akkuma waraabbii olii irraa hubachuun danda'amutti, qeeqni dubartummaa aadaan hawaasa tokkoo siyaasa, dinagdee, hawaasummaa dubartootaa karaalee dhiibbaa irraan gahan kan xiinxaludha.

Akka walii galaatti, qeeqni dubartummaa kun sochii dubartummaa keessatti kaayyoon isaa inni guddaa dubartootni olaantummaa dhiirotaa keessatti miidhaa gama aadaan hawaasichaa isaan irratti geesisaa ture beekanii jijjiiramaaf ka'uu akka qabaniifi mirga isaaniif waliin ta'anii akka falmataniifi dhageettii dhaban akka argatan kan taasisudha.

Dubartoonni ogbarruu keessatti akkamitti akka bocaman, dhiironni dubartootarratti dhiibbaa geessisan, ilaalch hawaasniifi aadaan dubartootaaf qaban akkasumas dhiibbaalee adda addaa taasisan ilaala. Kun akka lakkoofsa Awurooppaatti naannoo xumura bara 1960n keessa akka jalqabame kan dubbatamuuf, barruuwwan irra caalaan kan barreeffaman dhiirotaan waan ta`aniif namfakkii dhiirarratti kan xiyyeeffatuufi dhiirummaa haalaan kan calaqisiisanidha yaada jedhurratti kan xiyyeeffatudha.

Qeeqni dubartummaa dubartoonni ogbarruu keessatti gaheen qaban akka guddatuufi hirmaannaan isaanii akka mul`achaa deemu kan agarsiisudha. Hojiilee barreessitoota dubartii qorachuu, akkaataatti namfakkiin dubartii itti bocamte qorachuu, hojii tokko keessatti namfakkiileen dubartootaafi dhiirotaa akkamitti akka bocaman dorgmsiisuun qorachuu, walumaagalatti dhimmoota dubartootaa qorachuurratti xiyyeeffachuun gochaa qeeqa kanaa isa ijooti.

Sochii qeeqa dubartummaa keessatti, dubartootni hawaasa keessatti kaka'umsa keessatti uumuu, haala jireenya isaanii akkasumas maalummaafi eenyummaa isaanii beekanii akka of hubatan olaantummaa sadarkaa hawaas-aadaan murteesseef falmachuuf ofuma isaanii murteeffachuu akka danda'an kan kakaasudha.

> Wiirtuu Jildii-7ffaa (1995: 29) irratti, dubartootni haadha waan ta'aniif kabaja guddaa qabu. Mararteen haadhaa immoo nama hundaa biratti iddoo olaanaa qaba. Haaluma kanaan walqabsiisuudhaan intalli heerumtu tokko jaalala haadhaa yookiin dubartootaa ibsuudhaaf akka itti aanu kanatti kaa'eera: "akkuma beekamu durbi abbaa irra haadhatti dhihaatti. Amalli hojii isaaniis walitti isaan dhiheessa. Durbi tokko yeroo mana warraa jirtutti hojii mana keessaanis ta"e hojii alaatiin haadha ni gargaarti. Yeroo heerumtu garuu gargaarsi kun ni hafa. Ba'aan hojii mana keessaa hundumtuu haadharratti dabalama jechuudha."

Akka yaada armaan olii irraa hubannutti, bakka hundatti dubartootni shoora olaanaa qabaachuurra darbee isaan malee hundumtti bu'aa akka hin qabneefi dubartootni kunniin utubaa ta'uu isaa hubanna.Dubartoonni akka haadhaatti ilaalamu.Isaan malee wanti hundi hiika hin qabu.Akkuma dhiirotni qooda mataa isaanii qaban dubartootnis qooda mataa isaaniiqabu. Kanaaf hawaasa keessatti shoorri dubartootni taphatan akka laayyootti kan ilaalamu miti jechuunni danada'ama.

### 2.1.5. Gosoota Qeeqa Dubartummaa

Gosoota qeeqa dubartummaa kanneen jedhaman kanneen akka Dubartummaa Walabaa (Liberal Feminism),Dubartummaa Bifaa/Gurraachummaa (Black Feminism),Dubartummaa Jijjiiramaa (Radical Feminism),Dubartummaa Hawaasummaa,Dubartummaa Jijjiiramaa (Radical Feminism)fiDubartummaa Maarkistii (Marxist Feminism) fa'adha kunis armaan gaditti tokko tokkoon ibsi itti kennameera.

**2.1.5. 1. Dubartummaa Walabaa (Liberal Feminism)**

Dhimma dubartummaa walabaarratti yaada hayyootni garaagaraa dhiheessan keessaa kan (Greendorfer, 1993 f. 57) yoo ilaallu

> The underlying assumption of all liberal sports feminism is that sport is fundamentally sound and represents a positive experience to which girls and women need access. Differences in female sports participation are seen to be the result of socialization practices carried out by institutions such as the family, the media, and the school.

Yaada armaan oliiraa wanti hubatamu dubartummaan walabaa namni hundi uumamaan walqixa akka ta'eefi dhiibbaan gama hawaasummaa dhaabbileewwan garagaraa kanneen akka miidiyaa,fi mana barumsaatti taasifamu fa'a akka dhaabbatu morma. Akkasumas,carraan itti fayyadamummaa walqixa ta'e akka jiraatu kan falmuudha. Dhimmoota hawaasaa garaagaraa keessatti dubartootni dhiiraan qixa carraa argachuu qabu yaada jedhuun socho'u jechuunis dhiheessu. Fakkeenyaaf dhimmoota akka ispoortii keessatti qooda fudhachuudhaaf carraan dubartootni qaban kan dhiiraan qixa akka ta'u yaada jedhu qabu. Gufuun walqixxummaa inni guddaan dubartummaa irratti xiyyeeffata waan ta"eef ilaalchi akkasii hafuun akka irra jiraatuuf yaada dhiheessu.

**2.1.5. 2. Dubartummaa Bifaa/Gurraachummaa (Black Feminism)**

Gama bifaan ilaalchonni dubartootarra kan jiru ta'uu isaati. Haalli ilaacha bifa gurraachaafi fi adii ta'uun dhiibbaa gurrachota irratti ta'u fa'i. Haala dubartummaa bifaarratti ilaalchota jiraniin walqabsiisuudhaan hayyonni garaa garaa yaada kan dhiheessan keessa (Hill Collins, 1991, f. 29) yeroo ibsu

> Black feminists have challenged dominant white feminist theorizing and activism since the early days of second-wave feminism, arguing that black women's experiences have been largely excluded and made invisible. They highlight the fact that the sites of their oppression may be different to those of white women. For example, many white women see the family as a major site of their oppression by both men and the sexual division of labor.

Waraabbii kana irraa wanti hubatamu wal qixxummaan dubartoota gurrachaafi adii gidduu jiraachuu ibsa Dhimmoota hawaasummaa keessatti kanneen qooda fudhachuu qaban dubartoota

adii qofa akka ta'anitti yaaduun sirrii akka hintaane kan falmudha. Bifaan walqabsiisanii carraa dubartootni argachuu qaban dhabsiisuu jabeessee falma jechuudha. Walamaa galatti dubartummaan gurraachaa gosummaa, sanyummaafi koorniyaa gidduu waltti hidhannoo guddaan akka jiru kan falmuufi dubartoonni gurraachi birmadummaa argachuun, namoota hundumaaf bilisummaa akka argamsiisetti amanu.

### 2.1.5. 3. Dubartummaa Jijjiiramaa (Radical Feminism)

Dubartummaan raadikaalaa gosoota yaadxina dubartummaa keessa tokko kan ta'eefi kunis, walqixxummaa dubartootaa fiduu keessatti yaadiddamni kun kan hundeeffame bara (1960) keessa ture jedhame amanama. Akka Boston (1973, f. 73) ibsetti

> Radical feminism developed out of radical politics in the 1960s and 1970s which saw the development of women's consciousness-raising groups and the beginnings of a women's movement with women campaigning publicly against domestic violence, pornography, and for their rights over reproduction and health matters."

Yaadni armaan oliis dubartummaan raadikaalaa 1960 hanga 1970 hundeffamuu isaafi innis, dhaadannoo dubartummaan "Eenyummaa siyaasaa" yaada jedhuun beekama. Sirna olaantummaa dhiiraa gama siyaasaatiin jiru dubartootarratti fe'uun sirrii akka hintaane falma. Dhimmoota siyaasaa keessatti hojiileen dubartootaa akka hinmul'anne ta'uun isaa sirrii miti jechuudhaan mormii qabu dhiheessa.Ilaalchi koorniyaa meeshaa ittiin dhiirri dubartii hacuucuudha jedhanii amanu. Kanaafuu ilaalchi gama siyaasaatiin dubartootaaf qaban gadaanaa akka ta'etti ilaaluun akka hafuu qabuuf kan falmuuf gargaaruudha. Dubartootni dhimmoota siyaasaa keessatti qooda fudhachuu hindanda'an yaadni jedhu sirrii akka hintaane falma.

### 2.1.5. 4. Dubartummaa Maarkistii (Marxist Feminism) Or Socialist

dubartummaan maarkistii dubartoota birmadummaa gonfachiisuuf sirna abbaa qabeenyaa balleessuun yookiin hambisuurratti kan xiyyeeffatedha. Kaapitaalizimii keesatti, dubartoonni akkuma dhiirotaa namoota sadarkaa ol'aanaarra jiran tajaajiluufi fedhii isaanii guutaa waan turaniif walqixxummaan dubartootaaf kennamu qaba kan jedhudha.dubartummaa markistii ilaalchisee (Thompson, 1999, f. 100) yaada isaa yoo dhiheessuu

> Women often provide the refreshments at male sporting events; they wash sports clothing for their partner or for men's teams; and they transport their children to sports events and

support them in their activities often to the detriment of their own leisure and sporting activities.

Yaadni armaan olii kan ibsu, dhiirotaafi dubartootni dhimmoota hawaasummaarratti walgargaaruu isaanii irratti kan xiyyeeffateedha. Gahee dhiiraafi dubartii caasaadhaan addaan qooduudhaan haala ittiin kennamu xiinxaluurratti kan xiyyeeffateedha.Yaada maarkistii dubartummaa irratti kenname kan armaan gadii yoo ilaallu

> Socialist feminism has responded by looking more closely at the interrelationships of gender, race, and class located within capitalism, patriarchy, and neocolonialism. Within sport, socialist feminism highlights the part played by women in servicing both men's and children's sports. This sexual division of labor extends into employment in sports organizations and sports clubs, where women are often found in servicing and supporting roles. Thompson (1999, f. 100)

Akka yaada kanaattis dhimmootni akka koorniyaa, sanyii, sirna dinagdeefi kanneen kana fakkaatan ofkeessatti qabata.Dubartootni dhiirotaafi daa'imman tajaajiluu malee faayidaa biro akka hinqabnetti ilaalamu. Yaadiddamni kunis sirni kun sirrii akka hintaaneefi dubartootni bakka kamittuu dhiirotaan qixa qooda fudhachuu danda'u jechuun morma dabalataan yaada maarkistii dubartummaa irratti kenname yoo ilallee.

> Apart from exploring the complex interrelationships between capitalism and patriarchal power relations, socialist feminism shifts the emphasis from solely concentrating on women's experiences to looking more critically at gender. In order to do this they explore male power through the concept of hegemonic masculinity Connell (1987, f. 100).

Warabbiin armaan olii dubartootni dhimmoota akka dinagdeefi aangummaa keessatti qooda fudhachuurratti carraa guddaa akka hinqabne namatti argisiisa. Yaadxinni kunis dubartummaan hojii keessatti hirmaachuu akka nama hindhorkine ibsa malee dubartootni hojiiwwan garaagaraa keessatti hirmaachuudhaan dhiirotarra caaluun barbaachisaadha hinjedhu. Mirga dubartootni argachuu qaban gaafata jechuudha.Walumaagalatti, sirni kaappitaalizimii gita irratti hundaa'ee dubartootaaf bakka gadaanaa akka hinkennine falma yaada jedhus qaba.Akka ilaalcha kanaattis dubartootni manatti malee lafa hojiitti qooda hinqaban.Yaadxinni dubartummaa Maarkistii

yookiin hawaasummaa dubartootni manatti malee lafa hojiitti seenuun hinhojjetu yaada jedhurratti mormii qabu mul’isa.

Kana irraa ka’uun qorattuunis yaadxina kanatti fayyadamuudhaan qorannoo ishee adeemsifteetti.Sababni isaa dubartummaa maarkistiin walqabatee dhimmootni akka siyaasdinagdee, hawaasummaa, aadaa, amantiifi falaasamaa ibsamuu waan danda’aniifiidha. Akkasumas,gamabarreeffamootaan dhiibaa dubartootaarraa gahu ilaalchasaanii xiinxaluufi olaantummaa dhiiraa calaqqisiisan irratti qabsaa’uudha. Olaantummaa dhiiraatiin hacuuccaa dinagdee, siyaasaa, hawaasummaafi qorqalbii dubartootaarra gahu kan barruu ogbarruu tokko keessatti calaqqisu xiinxaluu, Uumamaan dubartiin tokko dhalaa taatee dhalachuusheetiin qofa jiruufi jireenya hawaasaa keessaa alatti akka hindhiibamne falma, galmi dhumaa hojii feeministootaa walqixxummaa dubartootaa mirkaneessuun addunyaa jijjiiruudha. hojiin feemiinistii akka roga siyaasaatti laalama. Kitaabilee baroota dheeraan dura dubartootaan barreeffaman xiinxaluun tajaajila har’aaf oolchuu, muuxannoo dubartootaa agarsiisuu barreeffamoota dubartootaa kan durii agarsiisuufi babal’isuun xiyyeeffannoo qeeqa dubartummaatii. Gabaabumatti, yaadiddamoota ittiin asoosama qeeqan garagaraa jiraatanis, isaan keessaa yaadiddama dubartummaa irratti xiyyeeffachuun asoosama filatame (Galaa Dhiigaa)**Abrahaam Jaalataatiin**barreeffame xiinxalameera. Xiiyyeeffannoo yaadxinichaas, Kunis kan ta’eef xiyyeeffannoon qorattuu asoosamaa keessatti namfakkiin dubartootaa akkamiin akka dhihaate xiinxaluu waan ta’eefidha. Kanarraa ka’uun barreessaan asoosama “Galaa Dhiigaa” jedhu haala kamiin namfakkii dubartootaa asoosama kana keessatti akka kalaqeefi dhugaa hawaasa keessa jiru gama sirriin dhiheessuufi dhiheessuu dhabu isaa xiinxalameera.

## 2.2. Sakatta’a Qorannoolee walfakkii

Qorannoon adda addaa karaa garaagaraan akaakuu ogbarruu keessaa baay’inaan asoosama dheeraa irratti hojjatameera; hojjatamaas jira. Haaluma kanaan qorattuunis sakatta’aa taasifteen qorannoowwaan armaan dura yunivarsiitiiwwan garaagaraa keessatti hojjataman kan namoota muraasaa akka armaan gadiitti dhihaateera.

Qorannoon sakatta’ame Margaa Abbabaa 2008 Qaaccessa Bakka Bu’insa Namfakkiilee Dubartootaa Asoosamoota Afaan Oromoo Imaanaa Imaltuufi Hiree Galgalaa Keessatti Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiin Guuttachuuf Yunivarsiitii Jimmaa Kollejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiyumaaniitii Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiif Dhiyaate yoo ta’u, Suuraan namfakkiin dubartii asoosamoota eeraman

keessatti maal akka fakkaatu tarreessuu. Gahee namfakkoonni dubartii asoosamoota afaan Oromoo eeraman keessatti gama siyaasaan, diinagdeen, hawaasummaan qaban adda baasuun lafa kaa'uu. Bu'uurri bocama namfakkiiwwan dubartii asoosamoota Afaan Oromoo eeraman keessatti mul'atu tarreessuu.Hidhata aangoo koorniyaa asoosamoota "Imaanaa Imaltuu"fi "Hiree Galgalaa" keessatti maal akka fakkaatu ibsu kanneen jedhan kaayyoo qorannoo isaati.

Qorannoon biraan sakattaatamee kan Qajeelaa Bayeessaa yoo ta'u, "Xiinxala asoosamoota dheeraa Rirriittaafi Hiree Galgalaa ija yaadxina dubartummaatiin" gaggeessedha. Kaayyoon qorannoo isaa, gahee dubartiin asoosama Rirriittaafi Hiree Galgalaa kallattii siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeetiin qaban akkamitti akka mul'ate, asoosamoota eeraman kana keessatti hariiroon dubartootafii dhiirotaa akkamiin akka mul'atufi akka bu'aa ogbarruutti asoosamoonni Rirriittaafi Hiree Galgalaa kallattii dubartummaatiin dhiibbaan isaan dubbisaarraan geesissuu danda'an maali? kannen jedhan kaayyoo guddaa qorannoo isaati.

Qorannoon biroo sakatta'ame Shuumatee Dinqaa (2019)yoo ta'u, mata duree "Xinxala Fakkoommii Dubartootaa Asoosamoota Dhoksaa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee" jedhu yoo ta'u, asoosamoota kanneen keessatti dhimmoonni hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa akkamitti akka calaqqisuu, namfakkiileen asoosamoota kanneen keessaa garee hawaasaa kam akka bakka bu'an, dhimmoonni koorniyaan walqabatanii barruuwwan kanneen keessatti ibsaman maal fa'a, ogbarruuwwan kunneen dubartoota nijajjabeessan moo nihacuucan, gahee dubartoonni gama dinagdeen, siyaasaafi hawaasummaan qaban asoosamoota kanneeniin ibsameeraa? Kanneen jedhan kaayyoo guddaa qorannichaadha. Walumaa galatti, sakatta'insa barruu wal fakkii kanneen keessatti qorannoowwan gaggeeffaman wal fakkiin isaan qorannoo kana waliin qaban, kanaa gosa ogbarruu keessaa asoosamarratti ta'uun isaa kan wal nu fakkeessu yaaxinaan kan walitti dhihaatu ta'uun qorannowaniin kan wal fakkeessu yoo ta'u asoosamni filatameefi haalli qeeqa gargar ta'uun adda isaan godha.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoon kun gosoota qorannoo jiran keessaa qorannoo akkamtaa ta'ee saxaxa ibsaan kan qeeqamedha. Haaluma kanaan qorattuunis, qeeqa asoosama dheeraa *Galaa Dhiigaa*jedhu irratti Ija Yaadxina dubartummaatiin qeeqxeetti. Kaayyoo qorannichaa milkeessuufis ragaaleen barbaachisoo ta'an asoosama *Galaa Dhiigaa*keessaa walitti qabamuun saxaxa ibsaan kanqeeqamedha.

## 3.2. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorattuun qorannoo qeeqa asoosamaa *Galaa Dhiigaa*odeeffannoo gurrachuuf mala miticarraatti dhimma baate.Mala miti carraa keessaa immoo, mala iddatteessuu kaayyeffataa hojiirra oolchiteetti.Qorattuunis kaayyoo qorannoo ishee irratti hundaa'uun maddoota qorannoo isheef barbaachisan tooftaa iddetteessuu kaayyeffataatiin asoosamicha keessaa fudhachuun qeeqxee jirti.Bu'uuruma kanaan qorattuunis mala iddatteesuu kaayyeffataan asoosamafilattee keessaa odeeffannoo isheef barbaachisu walitti qabdee qeeqxeetti.

## 3.3. Madda Ragaa Qorannichaa

Qorannoo kanaaf ragaa kan ta'u madda raga tokkoffaadha. Innis asoosama, *Galaa Dhiigaati*.Qorattuunis ragaalee barbaaddu asoosamaa kana keessaa walitti qabatte madda ragaa jalqabaa taasifachuudhaan dhimma itti baateetti.

## 3.4. Mala Funaansa Ragaa

Qorannoon kun qeeqa asoosamaa waan ta'eef, mala qorattuun itti gargaaramtee odeeffannoo fudhatte sakatta'a dookumentiiti. Asoosamootni *Galaa Dhiigaa*madda odeeffannoo qorannoo kanaati.Haaluma kanaan qorattuun haala itti dhimmoota gaaffilee qorannoo ishee waliin wal simaniifi qabxiilee qorannichaaf gargaaran funaannachuudhaaf sakatta'a dookumentii taasifteetti.Bu'uuruma kanaan asoosama filatame kana keessaa qorattuun asoosamicha gadifageenyaan dubbisuun ragaalee qorannichaaf barbaachisan walitti qabachuun qeeqxeetti.

## 3.5. Tooftaa Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoo qorannoo kanaa keessatti argamu qaaccessuufi qeequuf qorattuun tooftaa addeessuutti gargaaramte.Odeeffannoo mala akkamtaan walitti qabatte kanas qeequuf asoosamicha erga gadi fageenyaan dubbistee booda, hubannoo argatteefi yaada haayyotaa wal

simsiisuun dhiheessiteetti Kanaafuu qorannoo kana keessatti odeeffannoowwan sakatta'a dookumantiin funanaman addeessuun qeeqxee jirti.

# BOQONNAA  AFUR: QAACCESSAAFI HIIKA RAGAALEE

## Jaargocha Asoosamichaa

Obbo Leellisaan maatii isaa ijoolummaatti kan dhabeefi jireenya gadadoo adunyaa kanaa hunda damdamachuun kaayyoo bakka guddaa gahu, kan qabuufi gadadoo jireenya kana hunda obsaan darbsuun barnoota isaa baratee xumuruun ogummaa Arkiteekteriin eebbifamee kan hojjetu yoo ta'u, akkuma nama kami innis gulantaa tokkorra tokkotti cehuun waan hinoolleef, fuudhee bultoo dhaabbachuuf yeroo murteessetti akka seeraaf aadaa uummatichatti Ayyaantuu kan warroomfatedha. Guyya tokko garuu, waan inni amanuu hidandeenye ijaasan aarge. Kunis, Ayyaantuu haadha warraa isaa nama biroo waliin yeroo argutti wanti dubbatu kan harkaa wal dhahe yeroo xumuraaf boorsaa ishee fudhatte akka deemtuuf miiraan hudhamaa itti hime. Ergaa guyyaa sanaa hiikoon jireenya addunyaa kan haarka bade, isaaf jireenyi tamboo xuuxuufi alkoolii gosa gara garaa keessa jireenya isaa godhachuu itti fufe. Giiftiin intala ishee waadaanii waliin ollaa obbo Leellisaa jiratu. Kondiniyeemi tokkoo iraa ta'ee manni isaanii kan obbo Leellisaan kan waliiti aanudha. Giiftiin waadaan dhala godhattee osoo hintaanee, waadaan mucayyoon waan hundaan ciimtuu gocha hadhaa isheeti kan jibbiteefi hadhummaa ishee haaluun intala Giiftii umuriin kan isheetti dhihaattu intala giiftii ta'urra darbitee jaalalli Giiftiin Waadaniif qabdufi waadaniin haadha ishee Giiftiif qabdu kan ajab nama jechisiisu ture.

Galaan abbaan manaa Giiftii kan ta'e borumtaa isaa waan deemuuf isaaniif halkan sun yeroo hirribaa hin turre. Akkasiin jaalala isaanii dhamdhamachaa bulan.Intalli Galaaniif Giiftii Waaadaaniin kolleejjii akkadamii aartii keessatti barattu cimtuudha.Hiryoonni isheen wajjiin guddatteefi waliin barattu Akkasaa, Caalaafi Joon fa'i.Caalaan waadanii akka jaalallee isaatti ilaala.Isheen garuu quba qabdu.Gama biraan Guutaan diinii kolleejjichaati.Itti  himuu sodaatee malee guyyaa ishee argee kaasee, jaalala Waadaniin qabamuun isaa tuttureera.

Giiftiin erga ciniinsuun ishee eegalee takkaa bilbilaa Galaan haguma dhiphattu keessaa yaalu hin dhhifne.Giiftiin deessee daa'imman lakkuu argattee,Guutaanda'immaan dhalataniif waan bitamuu qabu hunda erga bitee fideen booda bakka ciisichaa  mijeesseefi huccuu hundaafi kan da'imman ittiin taphatan waliin qindeesse. Waan ta'aa jirutti gammachuufi naasuun kan harka wal maree Waadaan harmee isheetiin waa'ee Guutaa yoo ibsituuf ammaaf waan tokko akka hin jirre itti himtee, Waadaniin gara kutaa daa'imman dhalatanii yeroo deemtu Guutaan sodaaf

naasuun harmee Waadaniitti garagalee hollataa,Waadanii akka jaallateefi ishee malee jiraachuu akka hindandeenye,kanaaf isheen isaaf eyyamtuuf gaafate.

Isheenis murtoon kanWaadanii ta'us, gama isheetiin mucaa ishee kennuushetiif waada galteef. Waadaniiniif Guutaan guyyaa jaalala isaani waliif ibsan sanuu bifa Kanaan harmee ishee fuulduratti ta'uu sadan isaanii gammachuun liqisamaniiruu. Gidduutti Giiftiin Tv irraa oduu darbu dhaggeffachuuf OBSE Tv irra yeroo godhattu waan achirraa darbaa jiruun ofwallalte kan kufte ciisicha dhumaa ta'uusaati. Waadaaniif Guutaan iyyanii mankaranis homa wanti godhamu dhibnaan gaddaaf gadadoon masakamtee halkaniif guyyaa waa'ee abbasheef hadhashee boossi.Guutaatti mul'anni abbaasaafi gaddi Waadanii taa'uuf ka'uu isaa dhorkannaan Waadanii akka isheen jajjabaattuuf, ishee gorse.Waadaniinis, uffata gaddaa ofirraa baaftee halkan gammachuu qabu iyya taphachaa bulanii, Guutaan lafti barinaan Waadaanii barnoota isheetti akka deebituuf waada galchee gargar qajeelan.

Waadaniin waadaaa Guutaafi mul'ata ishee kabajjee gara kolleejji akkadamiitti barnoota ishee itti fufuuf qaajelte. Caalaan Waadanii dhaburraa kan ka'e hojii isaa dabaltaa ganamaaf galgala ishee barbaadurra kan ture har'a waan milkaa'e faakkaata. Bakka isheen baatee waan argeef Waadanii dursee mana ishee hiryoota isaa jooniif kaan waliin achi gahan. Jooniif kaan daa'imman obbolaa Waadaanii fudhanii yoo badan, Caalaan dhufaati Waadanii eeguun yeroo isheen mana geessu qabee, nama gaddiif dhukkubni sababii du'a maatii isheerra itti dhufe yeroo inni dhahu takka kan iyyite carraa lammata iyyuu hin arganne. Hojjattuun Waadaniifi obbo Leellisan sagalee iyyaa dhagahanii garasitti yoo fiigan Waadanii rukutamtee ciistu kan ofhinbeekne ta'uushee yeroo mirkaneeffatan ariitiin gara hospitaala internaashinaala Oromiyaatti geessan. Dhukkubi Waadaanii dhukkubaa biyya alaatti yaalamu malee kan hin fayyine ture. Sababa piroofeser Mi'eessoon carraa yaalamuu akka argattu abdii itti horan. Obbo Leellisaa sababa dhukkuba Waadaniin yeroo mara achitti kan arguu Dr Faayoo nama akka isaa jaalalaan ganamte waaliin wal bare.

Obbo Leellisa dhimmi birrii isheen ittiin yaalamtuufi dhimmi da'imman obbolaa Waadaanii caalaan hate nagaa dhowwateera. Akkasaan hiriyaan caalaafi joon gocha Caalaatti baay'ee kan gaddeefi akka deebisuuf yeroo hedduu kan itti himaa ture, har'a poolisootaaf eeruu kennuun ijoollee Caalaan faranjoonni fudhatanii gara biyya alaa akka bahaniif isaaf joonitti kennee bade. Hordoffii poolisotaan buufata xiyyaara Booleetti poolisoonni Jooniif faranjootni ijoollee Caalaan

itti kenne harkaa fudhanii gara biyya alaatti miliqaa osoo jiraanii to’anno jala yeroo oolchan, Guutaan xiyyaara keessa reefuu kan bu’u biyya alaa dhimma kaayyoo abbaasaa milkeessee yeroo deebi’u taatee buufata xiiyyaratti ta’aa jiru nahaa yeroo asiif achi mil’atu, sagalee da’imman obbolaa Waadanii Guuuu…Guutaa jedhu dhagahee, gara da’immanitti yeroo fiiguu da’immanis gammachuun gara Guutaatti fiigan. Koomader Kadiriif miseensonni poolisii Caalaa to’annoo jala oolchuuf karaa inni ittiin biyya alaatti milquuf yaalaa jiru gara magaala Dirre Dawwatti imalan

Isaanis, baabura deemuuf ka’u sakattaaf yeroo itti deeman Caalaan bahee fiigus to’annoo poolisii jalaa bahu hinandeenye. Piroofesar Mi’eessoof, Dr Gulummaafi Dr Faayoon yaalii yeroo dheeraa booda Waadanii du’arraa bararanii gadi yeroo bahaan, Guutaan sila lafa gangalatee mankararaa ture amma gammachuun ofwallaleera. Dr Faayoof obbo Leellisaan gara alaa bahuuf lama ta’anii lifti keessa seenanii caba jaalala isaanii walitti himachaa amma booda lama ta’anii eelaaf caba jaalala isaanii akka waliin waal wal’ananiif walitti maramaa waadaa waliif galan. Guutaan bahinsa Waadanii egaa kan jiru, akkasumas keessummoonni hospitaalicha keessaa Guutaa waliin Waadanii eegan danudha. Narsoonni Waadanii uffisaanii gara keessummootaaf abba manaa ishee yeroo dheeraaf ishee egaa turetti baasan. Guutaanis Waadaaniin fayyuutti baay’ee gammadurraa kan ka’e hospitaalicha keessati qubeelaa Waadaniif godhee, sirna gaa’ela isaanii hospitaala Internaashinaalaa Oromiyaatti haala nama dinqisiisuun raawwatan.

## 4.1. Gahee Dubartoota Asoosama Gala Dhiigaa Keessatti Haala Adda Addaan

Dubartoonni jiruuf jireenya guyyaa keessatti karaa adda addaan gahee isaanii bahaa ooluu. Gahewwaan kunninis gama hawaasummaan, gama dinagdeen, gama barnootaa gama siyaasaan dubartoonni gahee isaanii hawaasa keessatti akkamitti akka bahatan kan ittiin ibsamudha. Barreessaanis yeroo barreessuu wantoota hawaasa keessatti argeefi dhagahe kan taajjabe bifa qeeqaan kan dhiyeessudha. Kunis waan gaarii itti fufsiisuuf kan sirrii hintaanee immoo ittiin hawaasa hubachisuufi. Asoosama gala dhiigaa keessattis gaheen dubartoonni gama dinagdeen, gama hawaasummaan gama barnootaan akkamitti akka dhiyeesse armaan gaditti tokko tokkoon kan qeeqamu ta’a.

### 4.1.1. Gahee Dubartoota Gama Hawaas-dinagdeetiin

Barreessaan asoosama Galaa Dhiigaa dubartoonni gama qabeenyaan ofdanda’anii maxxantummaarraa bilisa ta’uun jiraachuu isaaniifi hojii adda adda keessatti hirmaatanii yeroo

isaan jiraatan; akkasumas maatii jirachisaniifi kaaniif ta’antu mul’ata. Kanas akkaataa barreessaan itti dhiyeesseefi dhugaa qabatamaa hawaa keessa jirun walbira qabamee kan qeeqni itti keennamudha.

> Namoonni ollaa Dok/ Faayoo harka bare, har'as waa hin dhabuu muka mooyyee bunaa akka rarraasee qabetti ijashee keessa ilaala.(f. 18)

Barreessaan dubartootaa namfakkii godhee yeroo uume haala garaagaratiin kan kalaqe ta’usaati. Warabbiin asoosamicha keessaa fudhatame kan duraafi kan olii kun faallaa waliiti. Gama biraan dubartoonni hawasaa keessatti warra dhiiraan akka miidhaman godhee kan dhiheesse kan olii keessatti immoo dubartoonni ofiif ofdanda’anii kan biroof kan oolan godhee kalaqe. Waraabbii kana keessattis, namfakkii dubartootaa kan bakka buute, Dok Faayyoon barattee bakka gaarii geessee ofiif jireenya gaarii jiraachaa namoota waliin jiraattuufi ollaa isheef akka isheen deeggartutu mul’ata. Kanaafuu yaadni kun cimina dubartoota kan dhaadhessuufi dubartoonni dinagdee keessatti gama barbaadaniin yoo hirmaatan qixa warra dhiiraan waan barbaadan irratti gahoomo ta’uu isaanii warabbicharraa hubachuun danda’ame. Kanas akkaataa barreessaan asoosama kana keessatti itti dhiyeesse haala qabatamaa hawaasa keessa jirru waliin walbira qabamee yoo ilaalamu dubartoonni gara lafummaa adda kan qabaniifi barreessaan kunis dhugaa hawaasa keessa jiru argisiisuu danda’eera.

> Dok/Faayoonis "hayyee, anillee dhiyaana nyaanna jedheeni.Anatu immoo siaffeeraa hin yaadda'in" dalga erga ilaaltee booda konkolaataa finxiriirsitie.(f. 127)

Waraabbii olii keessattis kan mul’atu cimina dubartootaatu ife. Namfakkiin dubartii bakka buute Dok.Faayoon aferraa irbaataa yeroo isheen gochuuf yaaltetu hubatame.Kanaafuu dubartoonni qixuma dhiiraa waan barbaadan irratti hirmaachuuf gahumsaafi dinagdeen ofdanda’oo ta’uu isaanii ittiin ibsuuf haala kanaan dhiyeesse. Yeroo hedduu hawaasa keessatti akka waan dubartoonni bakka afeerraafi kan kana fakkaatan keessatti dubartoonni fayyadamoo yookiin afeeramuu malee akka waan isaan afeeruu hindandeenyeetti fakkeeffamuutu ml’ata. barruun fudhatamee yaada sana kan mormu ta’uutu yaadicharraa hubatamuun danda’ame. Kanas yaada sana mormuun ofdandu’uurra darbanii biroof ooluu akka danda’antu yaadicharraa hubatame. Gama kaaniin dubartoonni iddoo kamittuu qixa dhiiraa waan gochuu barbaadan rawwachuu akka danda’aniifi dinagdee keessattis hirkatoo osoo hintaane ofdanda’oo akka ta’an mul’isuu danda’eera.Kanas qabatamaa hawaasa keessa jirannuun walbira qabnee yeroo ilaalluu barruun

olitti fudhatame qabatamaa hawaasa keessa jirruu agaarsiisuu danda'eera. Kunis yeroo bashannanas ta'ee hiryummaa dhiraa waliin isaanis kaffaltii keessatti hirmaachuu kan danda'anidha. Kanaaf qabaatamaa hawaasa keessa jirruu agarsiisuu danda'eera.

> Qarshi qabduun kaffalameeraa jetten eenyutu kaffale?" itti bitaacha'aa gaafate."Doktor Faayoo" erga jetteeniin booda gara hojii isheetti deebite.Obbo Leellisaan fiigaa sokke.Kaaffee yommuu ga'u, Dok/Faayoon hin jirtu.Olii fi gadi ishee barbaade.Ala ba'e. Konkolaatan Dok/Faayoo kara ba'aa jirti. (f. 149)

Waraabbii armaan oliirraa kan hubannu dubartoonni dinagdeen yeroo isaan kan biraa deeggarantu mul'ata. KunisObbo Leellisaan kaffaltii waadan mana yaalaa ittiin yaalchisu dhabetti maallaqaan isa deeggaruun ishee dinagdeen dubartoonni harka dhiirraarra eeggachurra yeroo isaan deeggarantu askeessatti ife. Kun immoo dhugaa hawaasa keessa jiruun walbira qabamee yeroo ilaalamu gara laafummaafi namoota deeggaruuf kan duubatti hinjennedha.kanaafuu akkaataa barreessaan namfakkii itti kalaqe dhugaa hawaasa keessa jiruun walbira qabamee yoo ilaalamu dhugaa hawaasa keessa jiru ta'uutu hubatama.Waraabbichi addatti wanti irraa hubatamu gara laafummaa dubartoonni hawaasa keessatti qabaniifi gama dinagdeen maal akka fakkaatan agarsiisuu danda'eera. Hawaasa keessa jirattu keessatti dubartiin hinqabdu kan jedhu akka isheen waan gochuu hindandeenyetti kan fakkeeffamu barreessaan namfakkitti dhimmi bahee dubartiin bakka kam keessattu akka hirmaachuu dandeessuufi kaan deeggaruu akka dandeessuu hubachiisuu danda'eera.Akkaataa barreessaan itti dhiyeessee dhugaa jiruun kan fakkaatuu akka ta'ee hubachuun nidanda'ama.

### 4.1.2. Gahee Dubartootaa Gama hawaasummaan

Dubartoonni hawaasa keessatti hawaasummaa isaanii kallattii adda addaatiin kan bahatan yoo ta'u, Fakkeenyaaf waraabbii armaan gadii keessatti gama hawaasummaan bakka bu'iinsi isaanii maal akka fakkaatu kaa'amee jira.

> Barii ganama obbo Leellisaafi Dok/Faayoon kaaffee Hoospitaalaa keessaa, ciree nyaatanii akka xumuranin Obbo Leellisaan sa'a harkasaa ilaalee "an dhaqeen kanfaltii raawwadhaa nibaataa?"."Eeyyen galeen boqodha.Galgala wal-agarra".Obbo Leellisaan ol-ka'ee akkuma harka diriirsefiin harka isaa qabaa, "maallaqa eessaa fidde garuu" achi ol-ija keessa ilaalaa gaafatte.Yeroo biroon sitti hima. Nagaan ooli affeerraa keettif immoo galatoomi jedhee inni biraa qajeellan bakka teessetti ijaan geggeessite (f. 149)

Waraabbii armaan olii cimina dubartootaa kan mul’isudha. Yaada fudhatame irraa kan barame namfakkii dubartii bakka kan buute Dok Faayoon yeroo isheen afferraa ciree obbo Leellisaaf gootutu hafee kana keessatti dhiyaate. Kunis dhugaa hawaasa keessa jirun walbira qabamee yoo ilaalamu dubartoonni hiryumma irrattis ta’ee gama kaffaltiin korniyaan garaagarummaan kan hinjirreefi qixuma dhiroota kaffaltii kamiinuu kaffaluun yeroo isaan jireenya hawasummaa isaanii bahataan argama. Kanaafuu waraabbiin olitti fudhatame kun dhugaa hawaasa keessa jiru mul’isuu kan danda’edha. Walumaa galatti waraabbii armaan olirraa wanti hubatamu dubartoonni jireenya hawaasummaa keessatti bakka bu’iinsa garaagaraa kan qabaniifi hawaasummaa isaani yeroo isaan haalaan bahatantu argama. Kanaanis akkaata barreessaan namfakkii itti kalaqee qabatamaa hawaasa keessa yeroo jiratetti kan argeefi dhagerra akka ta’ee hubachuun nama hin rakkisu.

> Doktoor Faayoon dudduubatti hafte.Guutan lafarra gangalata.Obbo Leellisaan akka fajajetti garasheetti miila fuudhe. Hojjattuun Waadaan lafa bakka kottoonfattee teessetti, fuulashee imimmaan irratti gogee yaa'a cabbii fakkeesse irratti, aduun ganamaa haalluu uffattee irratti baateen mul'atu kan arge hin jiru. Doktor Faayoon hundumaa ilaaltee, bakka tokkotti ijjishee  hafe. (f.  203)

Waraabbii fudhatame kun kan agasiisu ciminaafi ejennoo dubartoonni gama jaalalaan qaban kan hubachiiseedha. Dubartoonni qaama hawaasaa waan ta'aniif, gama adda addaan jiruufi jireenya isaanii mo'achuf yeroo jiraatan keessatti gaarummaafi hammeenya isaan muudataniif hennaa mala adda addaa raawwatan agarra. Waraabbiin kana keessattis, bifa garummaa agarsiisuun barreessaan kan kalaqedha.Yaadni armaan olitti fudhatame dubartoonni hawaasummaa keessatti maal akka fakkaatan kan agarsiisudha. Namfakkii dubartootaan bakka buufame armaan oliirraa kan hubatamu dubartoonni garalaafummaafi namaaf dhiphaachuurraa kan madde ta'uusaa agarsiisuufi. Yaada kana keessatti dubartiin hojjettuun bakka buufamte yeroo mara bo'icharra kan ka'e gocha kanaan bakka buusuu danda'e. Kunis dhugaa hawaasa keessa jiruittiin agarsiisuuf yaadeeti. Dhiphina dubartoonni Hawaasummaa keessatti namaaf ta'aa oolan ittiin ibsuuf bifa kanan kan dhihessedha. Akka waliigalaatti waraabbii fudhatame kan hubatamu cimina dubartoonni gama gara lafummaan hawaasummaan akkasumas jaalala keessatti qabantu yaada waraabbii fudhatame iraa hubatame. Kanaafuu barreessaan dubartoota hawaasa keessatti cimina isaan qabaniin bakka buusee agarsiiseefi qabatamaa jiru kan itti mul’isee jechuun nidanda’ama.

### 4.1.3. Gama Barnootaan

Dubartoonni barnoota keessaatti qooda mataa isaanii qabu.Kunis, dubartoonni barnoota baratan keessatti cimina isaan qaban ittiin ibsuuf yookiin Lafina isaanii ittiin qeequuf barreessaan bifa namfakkiin dhiheessu danda'a. Asoosama Galaa Dhiigaa keessatti barreessaan gama barnootaan dubartootaaf qooda akkamii akka kenneefi armaan gadiitti dhihateera.

> Isin keessaa qabxii guddaan koorsii simisteera kanaa kan xumurtan Waadaniif ammoo haaluma wal-fakkaatun Awurooppaafi Aameerikatti erguun barsisuuf hal-dureen xumuramuu isaas yeroon isiniif ibsu gammachuu quddaatu natti dhagaa'ama. Shamarran osoo harkawalitti dhahaa jiranii Waadaanis gammachuun walitti rukutaa ol-kaatee, "Abbaa koo halkaniifi guyyaa,baddaafi gammoojii jooree, maallaqaan na barsiisu, abjuusaa ganamaa ana guddisuuf dhiisee kan koo keessatti argachuuf dhama'u, gammachuu kana jecha akkamin akkan itti himu hin beeku garuu" sagaleen romm'aa, harkas facaasaa dubbate. Guutan barruu harka bitaan maddii ciqilfatee, ishee ilaalee, eenyu maqaan tee?" qalbii gaddaan gaafate.Waadaan Galaan" teessoo isheetti deebi'aa deebisteef. Guutan maqaa ishee ilaaluuf gad-jedhee waraqaa kaasee toora maqaa keessaa, jalqaba irratti yommuu argu oljedhee xiyyeeffannaan qaroo ishee keessa ilaale.(f. 16)

Yaaada waraabbii oliirraas addatti barreessaan kan ittiin ibsuu barbaade cimina dubartootaati. Kunis barnoota isaaniifi waan hojjetan irratti gahumsa akkamii akka qaban ittiin hawaasa hubachisuufidha. Kanaanis ilaacha hawaasa keessatti gama barnootaan dubartootarra jiru ittiin qeequfi. Barreessaan gama miidhamoo ta’anii kalaqaan dhiheessuu qofa osoo hintaane irra caalaa asoosama isaa keessatti dubartoonni injifatoofi cimina akka qaban godhee dhiyessuun isaa akka ciminatti ilaalama. Waraabbiicha keessattis, barreessaan fakkoommii dubartoota injifatoon bakka buusee kan agarsiisedha. Qooda namfakkii dubartootaa kan fudhatte Waadaaniidha. Barruu fudhatame kana keessatti waadaaniin barnoota keessatti barattuu cimtuu kan taateefi, barnoota isheen barattoota hunda caaltee qabxii guddaa waan galmeessiteef carraa barnoota biyya alaa akka argatte godhee kan dhiheessedha. Kanarraa, wanti hubatamu dubartoonni barnoota keessatti warra dhiiraan qixa dorgomanii injifachuu akka danda'an godhee dhiheesse.Dhugaa hawaasa keessa jiru irraa, yoo hubannuufi akka adunyaattis ta'ee akka biyyaattii yeroo dubartoonni bakkoota garaa garaatti kutannoon kaayyoo isaanii galmaan gahantu argama.Barreessanis waan hawaasa keessatti taajjabe kana warreen hinhubanne ittiin hubachiisuuf akkasumas ittiin qeequuf haala kanaan namfakkii boce. Akka walii galaatti

waraabicharraa kanhubatame dubartoota gama barnootaan gahumsa irra eegamu bahachuu akka danda'aniifi gama ciminaan kan dhiheesse ta'utuu hubatame. Kunis qabatamaa hawaasa keessa jiru kan itti ibse jechuun nidanda'ama.

> sichuu dandeetti teen gola barmoota Aartii ol-aanaa qurguddaa Addunyaa sakaattatee, beekumsa argattuun silumaa uumamaan kan qabdu cimsattee, wal-tajji siniimaa addunyaa too'atta. Sichuu ifaa, akka biftuu addunyaa irratti ifta. Galaan Waadaan akka haammnatetti jedheeni.(f. 32)

Yaadni waraabbiin armaan oliis barnoota gama aartiin bakka buusee qooda dubartii kan keenneef Waadanii barattuu cimtuufi bakka fagoo geessuu godhee kan kalaqe ta'uusaati. Kanas barreessaan asoosama isaa keessatti ilaalcha hawaasa keessa jiru ittiin qeequuf gama cimina dubartootaan kan dhiheesse ta'uutu argame. Kanaanis cimina dubartoota kan itti ibse ta'uutu adda bahe. Waraabbii fudhatame keessatti barreessaan bifa abjuun kan dhiheesse namfakkii dubartoota kan bakka buufamte Waadaniin kaayyoon ishee sadarkaa aartii Oromoo adunyaatti beeksisuufi sadarkaa addunyaan qaqqabsiisu godhee dhiheesse. Barruu fudhatame kana keessatti qooddattu muummeen cichoomina qabduufi sana galmaan gahuu akka dandeessu, akkasumas dubartoonni aartii guddisuu keessatti shoora olaanaa akka isan bahataa turaniifi sichis akka isaan bahaniif haala qeeqaan kan dhihessedha. Kanas dubartoonni barnoota gosa adda addaan yeroo isaan cimanii injifannoo galmeessan godhee kalaqe. Dhugaan lafarra jirus kanumaan kan wal fakkaatu akka ta'ee hubachuun nidanda'ama. Kanaanis barreessaan waan hawaasa isaa keessatti argee taajjabe kan mul'isuu danda'edha.

## 4.2 Gama miidhaa adda addaatiin

Jiruuf jireenya keessatti nama kamiinuu karaa kamiin miidhaa uumamaas ta'ee kan namtolchee namarra gaha. Addatti dubartootarra hawaasa keessa yeroo jiraatanitti miidhaan qaamaas, ta'ee miidhaan saalaa sababa dubartummaa isaaniitiin miidhaan isaanirra niqaqqaba.

### 4.2.1. Miidhaa Xiinsamuufi Miidhaa Saalaa

Dubaroota irra miidhaan ga'u akkuma gama dinagdeen, hawaasummaafi siyaasaatiin jiru miidhaa qaamaa, saalaafi xiinsammuu haala garaagaraatiin irra gaha. Miidhawan kana keessaa miidhaan saalaa tokko yoo ta'u, miidhaan saalaa dubartii waan ta'an qofaaf kan isaan irra gahu yoo ta'u, kunis dhiironni humnaan gudeeduun fedhii foonii ofii raawwachuun miidhaa birootiif akka saaxilaman isaan taasisa. Miidhaan xinsammuu immoo akka isaan mata gadi qabatanii

jiraatan, akka nama kamiittuu akka isaan hinjiraanne kanneen taasisanidha.Walumagalatti miidhaa saalaafi miidhaan xiinsammuu asoosama kana keessatti barreessaan akkamitti akka dhiheesse kan ilaalamu ta’a. Dubartoota namfakkii ta’anii hirmaatan keessatti haala kamiin akka irra gahe haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun walqabsiisuun haala armaan gadiitiin tokko tokkoon qeeqamanii jiru.

> Bokkaa yandoo roobun dhimmuu dhimmisuun manni keessiiffi alaa, alaa wajjin wal hin caalu.Araqeen niqicamaaf.Halkan qixxeen dabrus namichi hin ba'u Ni dhuga. Araqeen foon hoo'e, fooniif waa kajeele.Mucaan waggaa saddeeti ni iyya. Qaqawweessa'aa rooba roobun, sagalee iyya daa 'imaa mitii gamtaanuu iyyamu kan wal- dhaga'u hin jiru.Simbo qabeettii ganamaa qaama harmeesaa iyyummaan golgame, ijasaa cabsee hurrii gaddaan imimmaan dhimmisuun ilaale."Qaama nama hanga arbbaa ga'u ittuu kan araqeen gootome kanarraa waan haftu hin fakkaattu" haadhaaf yaadda'e.Namtichi fedhii foonii ba'uuf irraa argana. Hordaa qaama nama hanga arbaan, qaamnishee akka lafa bonaa, gogaa maarashaan madaa'uu madaa'aa tatarsa'uu, of-keessatti dhaggeeffatte. (f. 17)

Waraabbii armaan olii keessatti dubartootarra yeroo rakkoon qaamaa saalaa yookiin gudeeddii namfakkii kana irra yeroo gahu agarra.Yaada olii keessatti barreessaan dubartoota yeroo isaan hawaasa keessatti miidhaman godhee kan dhiyeessedha. Haalli dubartoonni ittiin miidhaman keessaa tokko miidhaa xiinsammuuti. Miidhaan xiinsammuu immoo miidhaa gama garaagaraan raawwataman hunda kan qabatu yoo ta’u, gudeedamuufi kanneen biroo ta'u danda'a. Yaada armaan olii keessattis Simboon jiruuf jireenya isheefi daa'ima ishee ittiin guddifachuuf dubartii haraqee daldaltee jiraattu godhee dhiheesse.Yeroo kanatti hojii hojjetteef kaffaltii dhabuurra dabartee gochi gudeeddii yeroo isheerra gahutu argama.kunis kanfaltii dhabuu akkasumas gudeedamurra darbite yeroo mucaan ishee bira bo'uu yookiin iyyu godhee dhiheesse kun immoo yaaddoo mucasheef qabdurra kan ka'e dhiibbaa xiinsammuullee isheerran gahu akka danda'udha. Gocha kanas barreessaan ittiin hawaasa yookiin barsiisuuf yoo ta’u, qabatamaa hawaasa keessa jiruun yoo ilaalamu miidhaan kan jiru ta’ullee akkaataa barreessaan ittiin dhiyeesse kanaan kan argamu miti. Kanas barrssaan olguddise kan mul’iseefi miidhaan jiratu akkaataa barreessaan itti dhiyeesse waliin garagarummaa kan qabatudha. Kunis hawsaa har’a keessa jirannu waliin yeroo ilaalamu miidhaan jiratulle hanga kana olka’ee kan akka barreessaan itti ibse kan hintaane akka ta’e hubachuun nidanda’ama.

> Siimbo qabeettii ganamaan harmeesaa hiyyummaan qaama cabsee hurrii gaddaan golgame ijasaa Imimmaan dhimmisuu eegale.Qaama nama hanga arbbaa ga'u ittuu kan araqeen gootome kanarraa waan haftu hin fakkaattu" haadhaaf yaadda'e.Namtichi fedhii foonii ba'uuf irraa argana. Hordaa qaama nama hanga arbaan, qaamnishee akka lafa bonaa, gogaa maarashaan madaa'uu madaa'aa araqeen tatarsa'uu, of-keessatti dhaggeeffatte. Foon jabaateen, qamni ibidda araqeen waadamee siimbboo hin dhabne sun, harmeen jalaa aaddi.Roobnii sa'a tokko guutuf roobaa ture caamnaan, sagaleenshee aaddu guddatee iyya ilmishee tokkichatti makamee dhaga'ame.garu  kan itti birmatu hin jiru. (f. 18)

Miidhamni dubartoota irra gahu inni biroon miidhaa gama saalaatiin dhufuudha. Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalametti dubartoonni sababa dubartii ta'aniin miidhaa isaan irra gahu yoo ta'u, kunis fedhii foonii gama saalqunnamtii fedhii irratti hinhundoofneen raawwatuudha. Waraabbiin armaan olii keessattis yeroo Simboon namicha haraqee manasheetii dhugeen gudeedamtutu argama.Kunis gudeeddiin dubartootarra hawaasa keessatti kan mul'atu ta'ullee akkaata barreessaan arbeesse kana hin ta'u. kana malees yeroo isheef mucaan ishee iyyanitti namni birmatu dhibuun hawaasummaan, yeroo rakkoo hawaasni kan walbira hin dhaabanne godhee waan kalaqeef qabatamaa hawaasa keessa jirun garuu ummanni yeroo rakkoos ta'ee yeroo bal'inaatti kan wal bira dhaabbatu, kan waliif birmatudha. Kanaafuu akka waraabbii oliirra hubatamutti garuu yeroo isheef mucaan ishee iyyanitti namni isheef birmate hinjiru jedhee dhiyeessuun waliin jireenya hawaasaa xiqqaa ta'uu waan agarsiisuuf, qabatama hawaasa keessa jiru irraa kan maqedha.

### 4.2.2. Miidhaa Qaamaa

Dubartoota irra karaalee miidhaan gahu keessaa inni tokko miidhaa qaamaati. Miidhaan qaamaa kunis karaa mul'ataa ta'eefi osoo ifatti hinmul'atin miidhaa irraan geessisanis gama humni isaanii saamamuu, kanfaltii malee hojii humnaa garaagaraa hojjechuu, gama biroon mana namaatti galanii hojii hojjetaniif illee kanfaltii gadaanaa argachuu, umrii malee heerumuun dhiigni isaanii da'umsa irratti dhangala'uufi lubbuun darbuunillee baay'inaan hawaasa keessatti mula'ata. Haaluma kanaan erga daa'ima dahanii boodas nyaata gahaa argachuu yoo baatan dhukkubbiifi miidhamni qaamaa garaagaraa muudata.Waraabbiin itti aanee dhiyaates, yeroo warroonni dhiiraa dhugaatii dhugan fedhiinis ta'u rakkoo gara jabummaan raawwatamuu danda'u akka raawwatan ta'uu hubanna.Miidhaan qaamaa sababa koorniyaatiin walqabatee

namfakkiiwwan asoosama kanaarra ga’e akka jiru hubachuun nidanda’ama. Haaluma kanaan miidhaa qaamaa namfakkiwwan dubartootaarra ga’e keessaa kan armaan gaditti dhihaate ilaaluun nidanda’ama.

> Caalaan keessummeessituu maamila ishee wajin jirtu ifitti harkisee gurratti asaase."Kunoo nama wajjinan jiraam" intalli biraa qajeellaan itti dhaqee, akka isheen keessummaa ishee bira geessen gurra ishee qabee harkise. Keessummaan ishee kan dhalaa wajjin jiru itti ta'ee, onnatee, Onnee bokokfate. Olka'e. Caalaa wajjinis wal-qabatan. Namicha reebanii, intalattiis kakkabalanii jeequmsa kaasanii, osoo hin kaffaliin ba'anii sokkan (f. 143)

Waraabbii armaan oliirra kan hubatamu rukuttaan qaamaa namfakkii dubartootaarra yeroo gahatu argama. Akka warabicharraa hubachuun danda’ametti sababa dubartii taateef qofa miidhamni qaamaa namfakkii  dubartii kana irra kan gahe ta’uu hubanna. Kunis isheen hojjettee buluuf mana dhugaatii keessatti qaxaramtee kan hojjettu yoo ta'u, namfakkii kana kabaluun sababa dubartummaa isheef miidhaa qaama irraan gahutu hubatama.Gochii akkasii hawaasa keessatti kan argamuufi kan balaleffatamu ta'u ittiin ibsuuf bifa kanan dhiheessu danda'e. yaadicharraa akka walii galatti humnatti gargaaramuun yeroo midhaan qaamaa karaa dhiiraan dubartootarra gahutu waraabbii asoosama kana keessa fudhatameen hubatame. Kans barreessaan miidhaa dubartootarra jiru ittiin hawaasa qeequuf kan fayyadame ta’uutu hubatame.Kanaafu waraabbiin fudhatamee dhugaa hawaasa keessa jiruun yoo ilaalamu kanarraa adda miti. Gochoonni akkasii hawaasa keessatti bakkewwam adda addaatti kan raawwatudha. Kanaafu waraabbiin fudhatame dhugaa hawaasa keessa jiru mul’isuu danda’eera.

> Obbo Lellisaan utaalee ka'e.Akka ol-seenen Caalaadhaa udduu qullaa Waadaan irra gugguufu argee, ulee qabatee jiruun humna naasun haleele. Caalaan of irra naanna'ee, "isa kuffisee, bira dabree ba'e. (f. 105)

Waraabbii armaan oliirraa hubachuun kan danda'anda'amu Caalaan sababa ofii isaatii Waadaanii jaallateef isheen  osoo isa hinjaallataa dirqama akka isheen isa jaallattu gochuufi yeroo isheen didduutti immoo humnaan fedha isheetiin ala yaali gudeeddiifi reebicha ulfaataa hamma ofwallaluu geessutti irraan gahuutu waraabbii armaan oliirraa hubachuun danda'ame. Gochoonni akkasii hawaasa keessatti kan mul'atuufi dubartoonni kan ofii jaallatanitti eerumuu akka hin

dandeenyetu yeroo baay'ee hawaasa keessatti mul'ata. Barreessaanis kana yeroo uummata keessa jiraate ergeefi dhagahetti namfakkiitti dhimma bahuun ittiin hawaasa hubachiisuufi.

Gabaabumatti, waraabbii lamaan armaan olitti fudhatame kanarraa akka hubattetti, jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti dubartootni yeroo miidhama qaamaa qaban akka namaatti ilaalanii gargaarsa barbaachisaa ta'e gochuufiirra wantoota hamilee isaan doomsu irratti gochuufi miidhaa qaamaa garaa garaa yeroo isaan dubartoorran gahantu mul'ata.Gochi Kunis sirrii akka hintaane hubachiisuuf haala kanaan dhiheesse.Waraabbiin fudhatame qabatamaa hawaasa keessa jiru kan ibsedha.

## 4.3. Akkaataa Barreessaan Dubartoota Itti Ibse

Inni kun akkaataa barreessaan namfakkii dubartoota asoosama isaa keessatti ittiin dhiheesse kan ilallatudha. Kunis namfakkii dubartootaa namfakkii muummee gochuu, dubartoota gama qajellummaan bocuu akkasumas dubartoota gama jallinaan yookiin akka amanamoo hintaaneentti kan asoosamicha keessatti dhiyaatan kan ittiin qeeqamanidha. Barreessaan asoosama Galaa Dhiigaa wantoota qabatamaa hawaasa keessatti argeefi dhagahe haala gaarii ta'eefi bifa qeeqaan dhiheessu danda'eera.

### 4.3.1. Namfakkii Dubartoota Akka Muummeetti

Inni kun ilaalcha barreessaan kan walqabatuufi akkasumas ilaalcha hawaasa keessa jiru ittiin qeequuf dubartoonni akkuma hawaasa keessatti gahee guddaa qaban barreessaan asoosama keessattis namfakii muummee godhee kalaquu danda’eera. Kunis akka armaan gadiitti waraabbiin asoosamicha keessaa fudhachuun qeeqameera.

> Waadan muuziqaa dhggeeffattun shubbisaa, kuruphisaa, dhumarratti qabxii ol-aanan injifachuu isheetti boonaa ittuu inaafsiste. Hiryaan ishee kokkoflaa erga ishee ilaalen booda, "raakkeettii" fi kubbaa teenisaa minjaala irra kaa'aa osoo jiruu, isheenis bira geessee, maalii gaa hin aarin. Ijaan si moo'ef, keekin si affeera" jechaa isa haammatte. (f. 37)

Waraabbii armaan oliirraa hubachuun kan danda’amu barreessaan dubartoota yookiin namfakkii dubartoota akkaataa inni itti boce dubartoota tapha keessatti yeroon isaan injifatoo ta’an godhee kan kalaqedha.Barruu fudhatame kana keessatti waadaniin hiryaa ishee caalaa waliin tapha teenisaa goote keessatti yeroo isheen injifatteefi inni immoo mo’amutti yeroo inni aaree godhee

dhiheesse. Kunis kan hubachiisu yeroo tokko tokko hawaasa keessatti dubartoonni akka mo’amoottifi dhiira waliin dorgomuu akka hin dandeenyetti kan fakkeeffamuufi caalaan waadaniin mo’amuun dubartoonni injifachuu akka danda’an godhee kan kalaqe ta’uusati. Dubartoonni jiruuf jireenya guyyaa keessatti toofta adda addaan yeroo isaan waa jala miliqaniifii injifatantu mul’ata. Kans, barreessaan asoosama kanaa dubartoota mo’atoofi qixa dhiira waliin waan barbaadan keessatti hirmaachuu akka danda’an godhee kan dhiheessedha.Kanaafuu akkaataa barreessaan itti dhiyeesse dhugaa hawaasa keessa jiru mul’isuu danda’eera.Sababni isaas akkuma barreessaan dubartoota namfakkii muummee godhee kalaqe dubartoonni hawaasa keessatti akkuma warra dhiirota sadarkaa gadiirraa hangaa sadarkaa guddaaatti haawsaa keessatti yeroo isaan itti gafaatamummaa isaanii bahatantu mul’ata.

> Nawaaliin immoo yoom shaanpiyoonaaf wal-dorgomnaa?jechuun innis ishee gaafate. Maal?jechi kee naaf hin gallef. Teenisa kaa! tapha teenisaa deebiseef. Beellama maalii barbaachisa, amma maaf hintaane jetteen.Guutanis, "ohoo!nan qoose. Teenisa illee danda'u.Bishaan daakaa garuu eenyu iyyuu natti yaadhufu" dhaadate. Waadaanis of-tuulummaa isaa ofkeessatti ceepha'aa, "innis hoobii kooti wal-ilaalla kaa gaaf tokko (f. 37)

Waraabbiin armaan oliis akkuma isa armaan olii injifattuu godhee dhihessuuf yeroo yaaleefi namfakkii muummee lameen karaa inni ittiin walqunnamsiisuuf teekinika barreessichi itti gargaaramedha.Namfakkii barreessaanbakka buusee dhiyeesse xiyyeeffannoon asoosamicha jalqabaa kaasee hanga xumuraatti waadaniifi Guutaa irratti waan xiyyeeffatuuf namfakkii muummeeti jedhamee fudhachuun nidanda’ama. Warabbicha keessatti Guutaan karaa isheetti dhihatu kan barbaaduufi kana gochuuf immoo karaa taphaan isheetti siqachuu akka qabu yeroo murteessetti isheen teenisa malee bishaan daakuu akka hindadeenyeefi daakkii bishaaniin ishee injifachuu akka danda’u yaade toofta kana filatus,sana irrattis dandeetti akka qabdu yeroo himtuuftu askeessatti mul’ata. Kunis gama hawaasa keessa jiruun dubartoonni hindanda’an jedhanii kan yaadan ta’us barreessaan sana maksuuf tooftaa kanatti gargaaramee kan dhiheessedha. Kanas barreessaan ilaalcha isaan waan hawaasa keessatti argeefi dhagahe irraa kaasee teekinika mataa isaatti fayyadamee haala qeeqan dubbisaaf kan dhiheessedha. Kunis tooftaa dhiironnis ta’ee dubartoonni nama jaallatanitti ittiin dhitan yoo ta’u waan namni sun jaallatuun kan itti dhiyaatamudha. Kanas waan hawaasa keessatti argeef dhagahe qabatamaa hawaasa keessa jiru kan itti ibsedha.

> Waadaan ija ishee saaqxe,Galmaa guddaa keessa,ifaa haalluu gara garaan dukkana abboomu tokko keessaa, sagaleen nidhagaa'ama Fiilmii Aarsaa jedhamu hojjattee, akkuma bara darbe badhaafamte,kunoo baranas hundee Diimokiraasii kan ta'e seenaa Gadaa kan seenessu, iskiriptiin, qopheessun Qaraa Qaroo Gadaa" maraan kan filatame, abbootin waltajjii dhiiraafi dhalaa waltajjii irraa beeksisan.Uummanni galmicha keessaa, fooricaa, cookaa, harka walitti dhahaa,Waadaan ol-kaate,badhaafamuuf, afaa diimaa kan irra ejjechuuf nama sodaachisu, Aartistonni filataman irra deemaa boo'an,walakka geese, Waadaan hundumaa ilaalte.( f. 134)

Waraabbii armaan olii keessattis barreessaan dubartoonni kutannoo cimaa akka qabanitti kan dhiheesse ta’uu agarra. Hawaasa keessa jiraatan keessatti dubartoonni cichoominaan yeroo isaan waan qabatanii ka’an galmaan gahantu mul’ata. Ilaalchi barreessaa karaa lamaan xiinxaluun kan danda’amu ta’uusaati. Tokko barreessaan ofiisaatii waan hawaasa keessaatti taajjaberra kaasee cimina dubartootaa karaa kanaan kan dhiheessee yoo ta’u, inni kun dubartoonni waan qabatanii ka’an irratti ejjennoo cimaa qabachuu isaanii ittiin ibsuuf yoo ta’u, inni lammaaffaan immoo hawaasa keessa yeroo jiratetti ilaalcha hawaasni dubartootaaf qaban sana irraa ka’uun ilaalcha sana qeequun hawaasni irraa akka baratuufi dubartoonni ejjennoo cimaa qabachuu isaanii hawaasaaf qooduufi.Kunis waan hawaasa keessa jiru ibsuu danda’eera.

> Bara qaroominaa kana keessa qaroomina odeeffannoo irraa bara jiraataan fagaatee, dabraa dabarsa odeeffannoo afaani afaanitti deebi'e, odeeffannoo kufeen cabee, dhibameen du'ee, dhufeen deemee, taa'ee ka’e kanatti odeeffannoo dhugaa dabrsuuf kan bobba'u maal qaba osoo heddumatee ofitti haasa'aa filannoo uffannaa itti beektu sanaan giiftii bareedinaa, moodeelistii, ykn aktirasii fiilmii fakkaattee, simbo qabeettin uumamaa as aftee hin qabne biiroodhaa baate. (f. 13-14)

Waraabbii armaan olii keessatti immoo barreessaan namfakkii karaa miidhaginaan kan dhiheessefi waa’ee simboo namfakkii kan itti ibsedha. Kunis dubartoonni akka xiinxala olii keessattis dhihate gama hojiin yeroo isaan kaayyoo isaanitti cichanii bakka barbaadan sana kan agarsiise yoo ta’u dubartoonni gama miidhagina qaamaafi simboon isaaniillee hawaasa keessatti daran kan dinqisifatamuufi jiruuf jireenya hawaasummaa keessatti shoorri isaanii gama hundaan olaanaa ta’uu ittiin ibsuufi. Walumaa galatti warabbiiwwan armaan olitti fudhataman irraa tilmaamuun kan danda’amu barreessaan dubartoota hawaasa keessatti namfakkii dubartoota

yeroo bocetti hawaasa keessatti akka ilaalcha gadantummaatti dubartoonni hindanda’an kan jedhu sana haala qeeqaan dubbisaaf kan dhiheesseefi dubartoonni waan qabatanii ka’an irratti ejjennoo cimaa qabachuu isaaniifi qixuma dhiiraa dirree barbaadan irratti yeroo dorgoman injifachuu akka danda’antu waraabbii kanarraa hubachuun danda’ame. Kunis qabatamaa hawaasa keessa jiruun adda miti.

### 4.3.2. Namfakkii Dubartoota Hariiroo Jaalala Keessatti Akka Amanamootti

Hariiroon dhiirrifi dubartoonni waliin qaban keessaa tokko hariiroo walitti dhufeenya karaa jaalalaa ta’uudha. Kana jechuun dhiironniifi dubartoonni waliin malee akka jireenya hawaasummaas ta’ee, seera uumaa eeganii jiraachuu kan hindandeenye ta'usaati. Fakkeenyaaf jaalala keessatti hariiroon dhiirotaafi dubartootaa haala ittiin mul a’teefi asoosama Galaa Dhiigaa keessatti barressaan akkamiin akka kalaqe armaan gaditti qeeqameera.

> Galaanis, "Gi, maalinni? jedheeni ija jaalalaan ishee ilaalaa ka'ee, gara isheetti qajeele. Bira ga'ees haammate.Giiftinis bobaa isaa jala ruuqamtee, rifeensa harka isaa qubaan hooksuu jalqabde.Galaanis rifeensa ishee sambaleexxa kaloo ittisamnee hooksee booda erga dhungatee, morma isaa jala ishee ruuqqatee,irratti jogol jedhe" (f. 33)

Waraabbiin armaan olii dubartoonni gama jaalalan maal akka fakkaatan namfakkiin bakka buuse dhiyeesse. Kana keessatti dubartoonni jaalala kunuunsu keessatti cimina hammami akka qaban godhee iittiin ibse. Kunis, akkuma gama dhiiraan kan jaalalaaf amanaman jiraatan dubartoonnis jaalala keessatti arsaa hagamii akka kaffalan ittiin ibse. Kanas barreessaan asoosama isaa keessatti gama walqixxummaa eegeen namfakkii kan kalaqe ta’etu hubatame. Kanas, gama dhiiraafi dubartootaan gama lamaniinuu kan jaalalaaf amanamanii jiraatan faaalla kanaanis akka jirutu adda bahe. Yaadicha olitti fudhatamerra hubachuun akka danda’amutti jaalala keessatti hariiroon dhiirotaafi dubartootaa olaanaa ta’uutu hubatama.Gaalaniifi Giiftin hariiroo Jaalala sirri kan qabaniifi bakka kanatti dubartoonni jaalalaaf arsaa kaffaluufi jaalalaaf amanamummaa qabachuu isaanii ittiin ibsuufi. Dabalataanis jaalala keessatti hariiroon dhiirotaafi dubartootaa maal akka fakkaatu waraabbii armaan gadii keessatti eeramee jira. Kanaafuu waraabbii fudhatame irraa gama ciminaatiin dubartoota kan bakka buusee dhiyeesse ta’u hubatame. Kanaanis, qabatamaa hawaasa keessatti hubate irraa ka’uun dhugaa jiru lafa ka’uu danda’eera.

> Galaa koo, yoom waliin oollee, waliin bullaa laata? Gargar ba'uu, addaan buluu borif osoo hin yaadda'in" achii ol ija keessa ilaalaa gaafatte. Fuula ishee jaalalaan hooksaa,

> "gaaf Rabbi jedhe. Gaaf jireenyi keenya nuuf guutte kaa Giftii koo!".Waa xiqqo erga afuura fudhatee booda itti fufees.gaara yaabu,"yeroon konkolaataan dirree ba'e lagaafi hallayyaa ce'u, yommuun riqicha kutee, yommuun baddaafi gammoojii jooru, yommuun konkolaataa keessas ta'e siree qabadhee ciisu, yaadaan ofbira sikaa'ee, sadaan siin ilaalaan waadaan jabaadha. Waadaa jaalala tee, kudhaama Waadaan" Galaan akkuma qaarisee ilaalutti jedheeni. Giiftiin ofitti gadi isa harkiftee, dhungatte.Innis itti jedhee hafe.(f. 34-35)

Yaada armaan olii keessattis, gama jaalalan dubartoonni maal akka fakkaatan barreessaan asoosama isaa keessatti kan itti dhiyeessedha. Kanas dubartoonni amanmummaa hammamii akka qaban ittiin ibse. Kunis haala Kanaan dhiyeessuun isaa gama ciminaan kan ilaalamudha. Kanaafuu, waraabbii armaan olii keessatti barreessaan namfakkii muummee kan taate waadaan Jaalala keessatti maal akka fakkaattu godhee kan ibsudha. Kunis dhugaa hawaasa keessa jiru waliin dubbisaan yeroo dubbisutti dubartoonni jaalalaaf amanamoo akka hintaanee qofaatti kaasurra kanneen jaalalaaf gatii guddaa kaffalan jirachuu isaa ittiin dubbisaa isaa biran gahe.Kunis dubartoonni jaalalaaf amanamoo ta'an jiraachuu isaaniin ittiin hubachiisuufidha. Kunis dhugaa hawaasa keessa jirurraa kan maqe miti.

> Lubbuunkee fayyaa naaf taanaan, afuurri kee na-bira jirannaan, dhibee qaama keef aantummaan daawaa,qadda keef gammachuun siif ta'a. Buruquun ijaa dhabuun gurraa dhageetti, laamsha'uu hadooduun qaamaa, sitti na Jijjiiru.  Mijuu jireenya keenyaaf waadaa ati seente sana burqaan dhiiga kee gadameessa koo keessaa burquuf karaa jira, galmaan akka ga'u Galaa dhigaa guduunfeefi. turtee akka agartuufan sikunuunsa(f. 61)

Waraabbii olii keessattis haaluma armaan duraa qeeqametti barreessaan dubartoota namfakkiin bakka buusuun gama ciminaan kan dhiyeessedha.Yaada olii keessattis Giiftin kan Galaniin jettu godhee dhiheesse. Kana keessattis, Galaan sababa balaa konkolaataan miidhaan irra gahu yeroo dhageessetti Griffin kan dubbattedha. Jaalalaaf dubartoonni gatii kamiinuu kaffaluu akka danda'anifi qaamaan miidhaamuun Jaalala hir'isuu akka hin dandeenye jaalalli hanga fayyaa qaban qofatti akka hintaane, jaalalli hanga du'aatti aarsaa kaffalchiisuu akka danda'amu agarsiisuuf haala kanaan kan bocedha. Galaan Giitiif yeroo du'arra gahe kan bilbileefi murtoo Jaalala ishees ittiin adda baafachuuf yoo ta'u Giiftiin jijjiramni qaamaa kamuu jaalala irratti sababa ta'uu akka hin dandeenye kan dhisiteefi Kunis kutannoo dubartoonni jaalalaaf qaban kan

agarsiisudha. Kanaanis barreessaan waan hawaasa keessatti yeroo jirateetti dhugaa argeefi dhagahee irra ka'uun kalaquun isaa qabatamaa hawaasa keessa jiru ibsuu danda'eera.

> Anis Galaa koo male sekondi tokkoof Addunyaa kanarra jiraachuu hin fedhu. Jaalalli na keesaa, yoo si keessas jira ta'e, qamaa koon waadaa jaalalaan Waadaanii siif kenneera. Murtoon kanshee ta'us.Eee Waadaan akkam jetta?" Giiftin gaaffii gaafatteef deebii barbaacha yommuu gara Waadaan ilaaluuf jettuu,Guutan gammachuun sat jedhe ol-ka'ee adda Giifti irra erga dhungatee booda, mucaa kee: ati jaalalaaf waadaa jaalalaan, naaf laatte onnee kootti maree onnee jaaallatuun jaalatamtuu kunuunsa" dubbachaa, cuunfee Giiftii haammate. Lakkuuwwan dhalatan sagalee nama rifachiisun boo'icha keessaa eegalan. Akka isheen hin dhageenyeef waltajii doo'ii jaalalaa inni qopheesseetti qalbii isheellee booji'ee, faaruu onnee jaalalaa waadaarraan egereef illee waadaa qabu ishee badhaase.(f. 75-76

Waraabbiin armaan olii,yeroo Guutaafi waadaniin Jaalala isaanii waliif ibsanitti Giiftin isheenis Galaan malee jirachuu akka hindandeenyefi jaalalli isheen isaaf qabdu jaalala dhugaafi kan haala kaminuu jijjiramu hindandeenyefi aarsaa kamiinuu kaffaluu akka dandeessuu kan itti ibsitedha. Kunis dhugaa hawaasa keessa jiru irra waan taajjabe barreessaan dubartoonni hawaasa keessatti jaalalaaf amanamoo ta'uu isaanii bifa qeeqan kan dhiheessedha. Kana malees namoonni dubartoonni jaalalaaf amanamoo mitii jedhee warra ilaacha akkasii qaban hubachiisuufidha. Kanaafuu akka walii galaatti waraabbiiwwan armaan olitti ilaalame hundi gama jaalalaan dubartoonni maal akka fakkaatan namfakkii dubartootaataan bakka buuse cimina isaan qaban kan itti dhiyeessedha. Kanaanis asoosamichi akka waraabbii oliitti gama ciminaan kan qeeqame ta'uudha.Kana malees waraabbiwwan olitti qeeqamaniin barreessaan dhugaa hawaasa keessa jiru kalaqaan bakka buuse akka dhiyeessetu hubatame.

## 4.4. Gamaa Loogii Korniyaatiin

Loogii koorniyaa jechuun walqixummaan barreessaan yeroo namfakkii kalaqu dhiirota olkaasee yookiin namfakkii muummee yeroo kalaqutti dhiirota gama waan sirriin kalaqee dubartoota immoo qita sirriin yoo hin kalaqne barreessaan barruu isaa keessatti gama tokkoof looguu yookiin walqixumaan asoosama isaa keessa kan hinjirre ta'a. kunis dhiirriif dubartiin garagarummaa uumamaa malee garagarummaan tokkollee kan hin jirre ta'uufi lameenuu gama jiruuf jireenyaafi hawaasummaa keessatti walqixa ta'uu jechuudha.

Walqixummaa dhiiraaf dubaraa ilaalchisee Dirribii (2014, f. 146) akkas jedha “waaqni akkuma uumama biroo uume, namas uume.Akka ilaalcha Waaqeffannaatti, namni jalqaba uumame dhiiras dubartiis hinturre.jedhaYaada kana irra wanti hubatamu dhalli nama uumamaan kan wal hincaalleefi caalmaan hawaasa keessatti dhihaatu namuumee akka ta’ettifi yaada namoota keessa akka jirutti kan ibsedha. Ilaalchi kun baay’inaan hawaasa keessa kan jiuufi isaan keessayuu ilaalcha kana kan maddisiisu warra dhiiroota ta’usaati. Kanaafuu akka warabbii olitti ibsametti dhiiraafi dubartiin qaamuma tokkotu bakka lamatti hirame waan ta’eef eenyuyyuu eenyurra hincaalu jechuudha. Yaaduma kanaan wal fakkaatu Osterhaus (1987, f. 13) yeroo ibsu

> Feminists seek legal, political, educational, and other reforms that will allow women to choose lives that are compatible with their own interests and talents rather than accept those imposed on them by family, church, or stereotype. Not all feminists pursue identical goals: For example, some want the right to devote themselves wholeheartedly to home and family and still be considered as valuable to society as any corporate executive, while others want the right to use their skills to fullest advantage in the business or academic worlds.

Yaadni armaan oliis dubartoonni maxxanoo osoo hintaane ofdanda’oo akka ta’aniifi sababa uumamaan garagarummaan tokko akka hinjirre mul’isa.Yaadota armaan olii gidduleeffachuun barreessaan asoosama gala dhiigaa dubartoota irratti loogii gochuuf dhiisuu isaa fakkeenya muraasaan qeeqameera.

> Guutan: Doktor Faayoo, Gulummaafi Obbo Leellisaa dabaree dabareedhaan ilaalee, Piroofeesar inni na hin cinqu. Maaf kanaa ol hin ta'in, anaaf Waadaan Waadaadha. Jireenyishee qofaan na ga'a. (f. 218)

Waraabbii armaan olii keessatti barreessaan namfakkii dubratootaa loogirra walaba godhee kan dhiheesseefi qaama kamiifuu osoo hin loogiin walqixummaan dhiheessuuf yaalera. Waraabbii fudhatame keessatti Dok faayoon namfakkii dubartoota bakka kan buufamteefi dookteera shoora guddaa taphattu godhee kan dhiheessedha. Akkasumas Dok Gulummaan akkuma Faayoo ogeessa cimaa godhee kan dhihesseefi barreessaan koorniya irratti loogii osoo hin godhin kan dhihesseefi dubbistoonni yeroo dubisanitti logii koorniyaa akka hinjirre asoosama kana irraa hubannoo akka argataniif yaade bifa qeeqa Kanaan kan dhiheesseefi. Jiruuf jireenya guyyuu keessatti qixa dhiiraa hirmaachuu akka danda’a godhee hubannoo uumuuf kan yaaleefi hawasaafis bifa kanaan qeeqa isaa dhihessuufi.Waraabbiin asoosama kana keessa fudhatames,

dubartoonni dhiiraan qixa dhaabbata garaa garaa keessatti yeroo hojjetantu mul’ata.Kanaafuu akkaataan nafakkiin olii itti dhiyaatan dhugaa hawaasa keessa jiru ibsuu danda’eera.

> Doktor Tuujubaafi Doktor Faayoon yeroo inni mutaan diree, waraanee, kirrii keessa loosu, qarabaa,maqasii bitaa fi mirgaan itti hiixatu.Piroofesar Mi'eesoon hundumaa xaqqasaa, ijaan itti haasa'a.( f. 188)

Waraabbii olii keessattis, Dok Faayoon qixa koorniyaa dhiiraa yeroo isheen dhukkubsattoottaaf wal’aansa gootutu argama. Dubartoonni baratanii hawaasa tajaajilu keessatti qixa dhiiraa hirmaachuu akka danda’an waraabbii fudhatame kana irra hubachuun kan danda’amu ta’uu hubanna. Kunis dubartoonni bakka waan hirmaachuu barbaadan keessatti dhiiran qixa hirmaachuu akka danda’an haala kanaan dhiheesse. Akkasumas hawaasa keessatti waan hubateefi kitaboota heddurratti bifa dubartoota miidhamaan kaasan irra bifa qeeqa poositiivii ta’een hawaasni irra barachuu akka danda’utti ofiisaatii dubartoota namfakkii muummee godhee bocuu kaasee hanga qooda hojii gurguddaa akkasumas, dhiiran qixa waan barbaadan keessatti hirmaachuu danda’uu isaaniifi waan qooda fudhatan keessattis, injifatoo godhee kan dhiheesse ta’uu isaa hubachiisuufi.Kanaanis qabatama hawaasa keessa jiru ibsu dand’eera.

> Guutan Waadaan bira ga'ee, ol-ba'ee, "ati waan hundaaf harka hin laattu jechuudhaam jedheen.waanan gochuu qabu dursee ofqopheessa. Kan namni tokko dalage ykn hojechuuf yaale yoon dadhabe nama ta'uu koon shakka.Kanaaf immoo nan yaala.Aartistii beekamtuu ta'uun karoora koo waan ta'eef kanneen nagargaaraniif durseen of-qopheesssa.( f.40)

Barreessaan asoosama kanaas,namfakkii yeroo kalaqetti loogii koorniyaa gama kaaminuu osoo hinuumiin qooddattoota uumuu dandaeera. Waraabbiwwan armaan oliirraafi xiinxala keennamerraas hubachuun akka danda’amutti namfakkii yeroo kalaqe dhiibbaa koorniyaa gama kamiinuu osoo hingodhiin dhiheessuu isaa asoosama kana keessatti hubanna.Barreessaan asoosama kanaas haaluma qabatamaa hawaasa keessatti mul’atu namfakkii waadaan jedhamtutti dhimma bahuun kan hiyeesseedha. Yaadawwan armaan olitti dhihatan cinatti barreessaan asoosama kanaa yeroo baay’ee dhiibbaawwan dubartoorra gahu akkuma jirutti ta’ee dhiibbaa sana yeroo hedduu deddebi’ee kan dhihatuufi dhiibbichis haala kamiin hawaasa keessatti haala kamiin dubartoota irra gahuu akka danda’u muraasa isaa hammachiisuun kunis kan akka, saamama humna isaanii jiraachuu, olaantummaan warra dhiirotaa jalatti miidhamni qaamaa

isaanirra jirachuu akkasumas miidhaan xiinsammuufi miidhaan saala dubartootarra akka gahu kan dhihessen cinatti dubartoonni akka mo’achuu danda’aniifi baranoota keessattis ta’ee bakka hojii kamittuu hojii isaanii galmaan gahuuf kan dubatti hinjenneefi ejjennoo cimaa qachuu isaanii asoosama kana keessatti namfakkii dubartootaa bakka buusuun agarsiisu danda’eera.

Walumaa galatti asoosama Galaa Dhiigaa keessatti gahee dubartoonnii gama hawaasummaan, dinagdeen barnootaan qaban asoosamocha keessatti akka dhiyaatetti olaanaa kan ta’eefi miidhaan dubartootarra gahee barreessaan namfakkiitti gargaaramee yeroo dhiyeessetti asoosamicha keessatti miidhaan qaamaa, miidhaan xiinsammuufi miidhaan saalaa, dubartootarra akka gahetti waan yeroo hawaasa keessa jiraate waan taajjabe irraa ka’uun asoosamicha keessatti ibsuu danda’eera. Dabalataanis waraabbiiwwan asoosamicharraa fudhatamanii qeeqamanirraa wanti hubatamuu danda’ame barreessaan dubartoota namfakkii muummee gochuun kalaquurraa kaasee dubartoota gama cimina isaanii irratti fuulleffachuun dhiyeessuun isaa waraabbiiwwan qeeqaaf fudhataman irraa hubachuun danda’ameera. Kana malees asoosamicha keessatti akka ifetti loogii koornirraa bilisa gochuun barruuwwan qeeqaaf fudhataman nama hubachiisa. Kanaafuu akka walii galaatti asoosamichi gama cimina dubartootaa irratti xiyyeeffachuun dhiyeessuu isaa waraabbiiwaan fudhataman irraa hubachuun danda’ameera. Akka walii galaatti barreessaan akkataan inni itti namfakkii boce qabatamaa hawaasa keessa jiranutti dhiyeesse kan kan bakka buuse akka ta’ee qeeqawwan olitti qeeqamanirraa hubachuun nidanda’ama.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAAFI ARGANNOO

## 5.1. Cuunfaa

Ogbarruun calaqqee jiruuf jireenya dhala namaa yoo ta'u, dhalli namaas jireenya lafa kanaa keessatti bu'aa bayii garaagaraatu isa eeggata.Tokko tokko salphaatti tarkaanfatee yoo darbu, tokko tokkoof immoo ulfaataa ta'ee maratoonii itti ta'a. Asoosamni gala dhiigaa qorattuu kanaan filatame, keessattis barreessaan jiruuf jireenya keessatti watoota argee, dhagaheefi dubbise irra ka'uun dhugaa addunya kana keessa jiru kalaqa matasaatiin namfakkii bocee haala jiruuf jireenya hawaasa kanaa kan dhiheessedha.

Barreessaan asoosama kanaas waan taajjabee bifa kalaqaan yeroo dubbisaa isaaf dhiheessutti Dubbistoonni immoo qeeqa garaagaraa akka itti kennaniifi qabatama hawaasa keessa jiru haala ittiin hubachuu danda'aniin walbira qabee dhiheesse.xiyyeeffannoo qorannichaas dhimoota hawaasaa keessaa tokko kan ta'e qeeqa dubartootaa bu'uura godhachuun ilaalchi dubartoonni gama dinagdee, hawaasummaafi barnootaan hawaasa keessatti irra gahu asoosamicha keessatti barreessaan haala kamiin akka dhiheesse qeeqxee jirti. Kaayyoon qorannichaas asoosamaa gala dhiigaa ija yaadxina dubartummaan qeequdha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf immoo gosa qorannoo akkamtaatti dhimma kan ba'amefi ibsaa akkamtaa (qualitative descriptive)-tiin qeeqni ragaalee qorannichaa geggeeffameera.

Qabxiiwwan asoosamoota kana keessatti ka'aaman haala armaan gadiitiin cuunfamee dhihaateera. Dubartummaan yaaxina dubartoota waliin walqabatu ta'ee dhimmoota dubartootaa karaa dinagdee, siyaasaa, hawaassummaafi aadaatiin hawaasa keessatti maal akka fakkaatan kan qeeqameefi kanneen kanas addaan baasuuf gosoota feeminizimii kanneen irratti kan hundaa'ameedha. Namfakkiin dubartootaa asoosama kana keessatti haala garaagaraan kan kalaqaman yoo ta'u, dubartoonni hawaasa keessatti haala kamiin akka ilaalamaniifi barreessaan waan taajjaberraa haala garaa garaan kan dhiheesse yoo ta'u, qorattunis kana bifa adda addaan qeeqxeetti. Isaan kunnennis, hariiroo dhiirotaafi dubartootaan walqabatee, gama dinagdeefi hawaassumaatiin hidhata guddaa kan qabu ta'uu, Asoosama gala dhiigaa keessatti maal akka fakkatu qeeqameera. Gama hariiroo jalalaan asoosama filatame keessatti dubartoonni jaalala keessatti amanamoo ta'uurra darbanii hanga aarsaa guddaa kaffalutti yeroo gahantu maul'ata. Kanas Giiftiin sababa abbaan manaa ishee balaa konkolataan du'eef isheenillee naasuusarra

kankaate lubbuun darbuun asoosama kana keessatti mul'ateera. Kun immoo dubartoonni jaalalaf iddoo akkamii akka qaban hubachuun nidanda'ama. Gama dinagdeen immoo yeroo Leellisaan waan ittiin Waadanii yaalu dhabee rakkatetti Dok Faayoon kaffaltii guddaa sana kan irra kaffaltedha. Kanaafuu namfakkii dubartootaa akkataa barreessaan asoosama kana keessatti itti kalaqe ofirra darbanii kan biroof yeroo oolan ilaaluun nidanda'ama. Akkasumas gama barnootaan namfakkii muummee godhee kan boce Waadaniin dorgomtee barnoota keessatti cimte carraa barnoota biyya alaa yeroo argattetu ibsame.

Hanqinnifi ciminni namfakkiiwwan dubartootaa asoosama kana keessatti haala barreessaan ibseen bifa garaagaraan kan mul'atu ta'uusaati. ciminni asoosama kana keessatti mul'ate dubartoota namfakkii muummee godhee kalaquurraa kaasee hanga dubartootaaf bakka gurguddaafi injifannoo gurguddaa kenneeftu mul'ata. Gama hanqinaan yoo ilaalamu immoo dubatoonni gama siyaasaan barreessaan kan hindhihessine ta'uun akka hanqinaatti ilaalameera.

## 5.2 Argannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa qeeqa asoosama dheeraa Galaa dhiigaa Ija yaadxina dubarttummaan kan jedhu yoo ta'u, qorattuunis, odeeffannoowwan asoosamicha keessaa funaanuun kallattii adda addaatiin qeeqxe irratti hunda'uun argannoowwan armaan gadii lafa kaawwamaniiru.

- Asoosama Galaa dhiigaa keessatti gahee dubartootni gama hawaasummaan gama dinagdeen akkasumas gama barnootaan qaban olaanaa ta'uutu bira gahame. Kunis akka fakkeenyaatti kan fudhatame Dok Faayoon yeroo isheen deeggarsa maallaqaan obbo Leellisaa yeroonni waan ittiin Waadanii yaalchisu dhabetti isheen maallaqa sana hunda irraa kaffaluun gama hawasummaanis ta'ee dinagdeen ofdanda'anii kan biroof ooluun akka fakkeenyatti fudhatamuun aragannichi adda bahuu isaati. Akkasumas gama barnootatinis Waadaniin barnoota keessatti hunda caaltee carraa barnoota biyya alaa kolleejjii itti baratte irraa argachuun dubartoonni asoosamicha keessatti gama barnootaan qooda guddaa akka qabanitti ibsame. Haala qabatamaa hawaasa keessa jirun yoo ilaalamu dubartoonni ammatti gama barnootanis ta'ee gama dinagdeen warra dhiirota waliin qixa dorgomoofi yeroo isaan ciminaan injifatan nimul'ata. Kanaafuu dhugaa hawaasa keessa jiru agarsiisuu danda'eera.

- Asoosama Galaa dhiiga keessatti dhiibbaan dubartootarra gama xiinsammuufi gama miidhaa qaamaan akkasumas gama miidhaa saalaan kan irra gahe ta'uu qorattuun

qorannoo isheen bira geessetti. Miidhawwan kuins gama xiinsammuun kan ibsame namichi haraqee dhuguuf mana ishee dhaqe humnaan miidhaa saalaa yookiin dhiibbaa humnaan gudeeduu yoo irraan gahu simborra miidhaan irra gahe miidhaa saalaafi akkasumas, miidhaan xiinsammuu immoo yeroo isheen gudedamtutti mucaan ishee biraa bohuun sababa daa'imaa isheetiif xiinsammuuf saaxilamusheetu adda baafame. Kana malees akka asoosamicha keessatti namfakkii dubartootaan bakka kan buufamte Waadaan irra karaa hiryaa ishee durii Caalaadhaan rebichi hamaan irra gahuun akka miidhaa qaamatti ilaalamee qeeqa kanaan adda baheera. Addatti immoo asoosama kana keessatti dubartoorra gama dinagdeefi hawaasummaan dhiibbaan kan iira hinqaqqabne ta'uutu bira gahme. Kunis akkuma qeeqa jalatti dhihatee namfakkii dubartootaan bakka kan buufamte Dok faayoon ofiisheerra dabartee warren kaan yeroo isheen gama dinagdeen deeggartetu adda bahe. Gama miidha adda addatiin haala qabatama hawaasa keessa jiruun yeroo ilaalamu miidhawwan qaamaaf xiinsammuu kan jiratanis ta'uu akkaata barreessaan itti ibsee kana olguddatee  kan mul'atu miti. Kunis dhugaa qabatamaa hawaasa amma keessa jirruutiin miidhawwan jiratanis, barreessaan hamma ol olguddisee kan mul'isedha.

- Qorannoo Kanaan kan adda bahe inni biroon, dubartoonni asoosama kana keessatti namfakkii muummeefi xixiqqaa ta'anii lamman isaa keessatti dhihachuutu bira gahame. Kunis namfakkii muummee kan taate Waadanii yoo taatu gama namfakkii xiqqaan immoo Dok Faayoo akka fakkeenyaatti fudhachuun danda'ameera.
- Asoosama kana keessatti barreessaan dubartootaaf iddoo gudda kenne kan dhiheesseefi dubartoota milka'oo gaodhee asoosama kana keessatti kalaquun kan mul'atedha. Kunis Waadaniin namfakkii dubartootaan bakka kan buufamteefi yeroo isheen barnootaan hunda caaltee carraa biyya alaa argattu fa'atuu asoosama kana keessatti dhihate. Irra caalaa ilaalchi barreessaan asoosama kana keessatti ittiin dubartoota boce dhiheesse akka injifatootti kan kalaqe ta'utu adda bahe.
- Loogiin koorniyaa asoosama galaa dhiiga keessatti kan hincalaqqisafmne ta'uun adda baheera. Kunis gama koorniyaa lameniinuu wal faana hojii wal fakkaataa keessatti kalaqee dhiheessuun isaa akka walqixxumaatti kan fudhatamedha. Kunis akka fakkeenyaatti kan fudhatamte Dok faayoon Dok gulummaa fa'aa waliin hospitaala keessaa hawaasa akka tajaajilanitti dhiheessuun isaa loogiin koorniya akka hinjirretti fudhatamuun asoosamichi loogii koorniyaa kan hincalaqqisiifne ta'uutu bira gahame.

Walumaa galatti qeeqa dhiyaaterraa kan hubatamu dubartoonni gama hawaasummaa, dinagdee, barnootaan akkasumas, loogiin koorniyallee asoosamicha keessatti kan hin dhiyaanne yoo ta’uutu adda baafame. Kunis haala  qabatamaa amma hawaasa keessa jirun asoosamichi dhugaa hawaasa keessa jiru mul’isuu isaa hubachuun danda’ameera. Gama biroon immoo miidha dubartootarra gahuun karaa adda addaa xiinsammuufi miidhaa qaamaan kan asoosamicha keessatti dhiyate  dhugaa hawaasa keessa jiruun walbira qabamee yeroo ilaalamu miidhaan qaamafi xiinsammuu kan mul’atu ta’us; akkaataa barreessaan haala hawaasa amma keessa jirannuu waliin yeroo ilaalamu kan arbeffamedha.

# Wabiilee

Abrams, M.H. (1993). A glossary of Literary Terms. Harcourt Brace College.

Abdiisaa Shinoo. (2011).“Xiinxala asoosamoota Hawwiifi Yoomi laataa? Ija yaadxina maarkisizimiifi Femenizimiitiin” Yunivarsiitii Addis Ababa Koolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Quunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilooriif dhiyaate, kan hin maxxanfamiin.

Ansari, A. (1992).Understanding Language and Literature, University College, UmmALQuara Universit SaudArabia.

Asafaa Tafarraa Dibaabaa. (2009). Eela: Seenaa Oguma Oromoo. Print by Far-East Trading plc.

Alamituu Olii. (2019) Ogbarruun Afaan Barsiisuu

Berhanu Mattewos (2009).*Fundamentals of Literature*.(2nd ed.)AAU: Alpha Printer Plc.

Bill Bryson. (1999). *Fiminist Debates Population*: London Macmillan Press.

Boston Women‟s Health Collective.( 1973 ). Our Bodies, Ourselve, New York : Simon & Schuster .

Cuddon, J.A.(1999). *The penguin dictionary of literary terms.*California:University of California.

Connell , R. ( 1987 ) Gender and Power , Stanford, CA: Stanford University Press.

Dirribii Damusee .(2014). Seenaa Eenyummaa Oromoo. Finfinnee

Ellis, J. (1974). *The Theory of Literary Criticism, A logical Analysis.*USA: University of California Press Ltd.

Fedhasaa Taaddasaa (2013). *Subii: Bu’uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa

Finnegan, R. (1978). Oral literature in Africa. (4thed.) Oxford: Oxford University Press.

Greendorfer , S. ( 1993). “Gender role stereotypes and early childhood socialisation,” in Cohen, G.L. (ed.) Women in Sport: Issues and Controversies, Newbury Park, CA: Sage, pp. 3– 14.

Hill Collins , P. ( 1991 ). Black Feminist Thought: Knowledge, Consciousness and the Politics of Empowerment ,London: Routledge.

Kennedy, X. J. & Dana,G. (2007, 2nd ed)). *An Introduction To Fiction, Poetry.Drama and Writing.*Cambridge: Oxford Univesity prees.

Lamlam Taayyee (2013) mata duree ‘Xiinxala Caaseffama Aangoo Koorniyaa Asoosamoota Suuraa Abdii, Hawwiifi Illaa ija Yaadxina Maarkistootaafi Dubartummaatiin’ Qorannoo Digrii lammaffaa guuttachuuf Yunivarsiitii Wallaggaaf dhiyaate, kan hin maxxanfamiin.

Margaa Abbabaa 2008 Qaaccessa Bakka Bu’insa Namfakkiilee Dubartootaa Asoosamoota Afaan Oromoo Imaanaa Imaltuufi Hiree Galgalaa Keessatti Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiin Guuttachuuf Yunivarsiitii Jimmaa Kollejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiyumaaniitii Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiif Dhiyaate kan hin maxxanfamiin.

Mayor & K. Pugh, eds.) Language, Communication and Education, pp. 205-217. Croom Helm, London & Sydney.

Mill, J. S. (1973). from The Subjection of Women. *Victorian Prose and Poetry*.

Misgaanuu Gulummaa (2012). *Yandoo: Ogumaafi ogwalaloo Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa.

Morio Klarer (2005). *An Introduction To Literary Studies*. USA and Canada: Taylor and Frances Group.

Qajeelaa Bayeessaa (2121), “Xiinxala asoosama dheeraa Rirriittaafi Hiree Galgalaa Qeeqa Dubartummaatiin” Qorannoo Digrii lammaffaa guuttachuuf Yunivarsiitii Jimmaaf dhiyaate, kan hin maxxanffamiin.

Sa’idaa Kadir Waaree.(2002). Sirna Gadaafi Dubartoota. Finfinnee: Birhaannaa Maattemiyaa Dirijjiit.

Shuumatee Dinqaa .(2019). Xinxala Fakkoommii Dubartootaa Asoosamoota Dhoksaa Jireenyaafi Miila Hinshokoksinee. Qorannoo Digrii lammaffaa guuttachuuf Yunivarsiitii Jimmaaf dhiyaate, kan hin maxxanffamiin

Tafarii Mokonnin (2012) Xiinxala Gahee Dubartootaa Asoosamoota Isaayyaas Hordofaa Keessatti Qorannoo Digirii lammaffaa guuttachuuf yuunivarsiitii Addiis Ababaaf Dhiyaate kan hin maxxanfamiin.

Osterhaus, D.L. (1987). The female hero: An analysis of female protagonists in modern epic high fantasy novels. Unpublished masters research paper, University of Northern Iowa, Cedar Falls, IA.

Pater, Zola W. (2010). “The Depiction of Female Characters by Male Writers in Selectd ISIXHOSA Drama Works.unpubilshed The Degree of Doctor litterum. Faculty of Art:

Nelson Mandela Metropolitan University.

Thompson, S. ( 1999). Mother's Taxi: Sport and Women's Labor, Albany : State University of New YorkPress .


Tyson, Lois. (2006*). Critical Theory Today: Auser Friendly* University press. University of Minnesota.

Wiirtuu Jildii-7.(1995). *Barruulee Qormaata Afaan Oromoo.*Gumii Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaatti. Finfinnee

Vygotsky. LS. (1987). Thinking and Speech. In Rieber and A Carton (eds). The collected works of Vygotsky. New York: Plenum.

Zerihun Asfaw. (1996). Yesinetsuf Meseretaawuyaan. Addis Ababa: Benigdi Matemiyaa Dirijjiit Taattemee.

Dabalee




Fakkii asoosama Galaa Dhiigaa